# QAACCESSA SIRNA RAAWWANNAA AYYAANA IRREECHA AWAASH MALKAA QUNXURREE

**DAAMXOO BANTII**

**YUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA SIRNA RAAWWANNAA AYYAANA IRREECHAA AWAASH MALKAA QUNXURREE

**DAAMXOO BANTII**

**GORSAA: Dr.TAADDASAA JAALLATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUT MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE.**

**YUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

## YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA

## Dhaabbata digrii duraatiin booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Daamxoo Bantii mata-duree: Qaaccessa Sirna raawwannaa ayyaana irreechaa Awaash Malkaa Qunxurree jedhuun qophaa’ee sadarkaa yuuniversiitiin kaa’ee guuteera.

## Koree Qormaataa:

**Qoraa Alaa __________________ Mallattoo___________ Guyyaa_____________**

**Qoraa Keessaa________________ Mallattoo____________ Guyyaa ____________**

**Gorsaa ______________________ Mallattoo____________ Guyyaa_____________**

______________________________________________

**Itti gaafatamaa muummee yookaan qindeessaa digrii lammaffaa (MA)**

## Axereera

*Qorannoon kun qaaccessa sirna raawwannaa ayyaana irreechaa Awaash Malkaa Qunxurree irratti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan seenaa, aadaa, safuu jiru walitti qabee sirnoota guyyaa ayyaana irreechaa raawwataman, meeshaalee Oromoon qabatee bakka irreechaa adeemuu, hirmaattotni tartiiba isaan ittiin gara malkaa deeman, hiika mallattoolee sirna kana irratti hawaasni fayyadamuu, haala itti fufiinsa irrechaan walqabatee wantoota dhiibbaa geessisan kan ibsuudha. Qorannoo kanaafis madda ragaa tokkoffaa kan ta'e hirmaattota ayyaana irreeechaa, abbootii gadaafi jaarsolii naannoo sana jiran yoota'u, iddattoon qorannoo kanaas mala akkayyoo kan fayyadameedha. Akkasumas meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo kanaa afgaaffii, daawwannaafi marii gareen kan funaanameedha. Maalummaan sirna raawwannaa kanaa malleen qorannoo kanneeniin walitti funaanaman qoqqooduun qaacceffamanii kaa'amaniiru. Qaama qorannoo kana keessatti qaacceffamuun kan argamaniis faaruu sirna kanaan walqabatu, tartiiba deemsaa, eebba, sirna irreeffannaa, meeshaalee sirna kana irrattii hawaasni dhimma itti ba'ee amantaa, seenaa, aadaafi duudhaa kan agarsiisuudha. Sirni kun mallattoo eenyummaafi aadaa uummataa waliin walqabatee seenaa dheeraa kan qabuudha. Sirna kana keessatti hawaasni uumama inni uume kana ilaalanii galateeffachuun kan darbeef galata jedhanii kan dhufuuf immoo abdii isaanii waaqatti kennatu. Yaaduma gubbaatti eerame bu'uura godhachuun sirni raawwannaa ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree madda amantii, safuu Oromoo ganamaa, seenaafi aadaa kan agarsiisuudha.*

## Galata

Duraan dursa Waaqayyo isa haalota hundumaa keessatti nagaa naaf kennee, na gargaaree bu’a bahii jireenya koo cinaatti sadarkaa guddina  barnoota koof dandeettiifi obsa kan naaf kennee galanni haa ta’un jedha.

Kanatti aansuun jalqabarraa hanga dhuma qorannoo kanaatti na jajjabeessuudhaan na gorsaa ogummaafi yaada bilchaataa ta’e qorannoo irraatti kan gumachaa guddaa naaf kennaa turan, gorsaa koo Dr. Taaddasaa Jaallataatiif galanni koo guddaa yoo tahu, umrii dheeraa waaqni isiniif haa kennu jedha. Itti aansee maatii koo akkan baradhuuf deeggarsa kan naaf taasisan Abbaa koo Obbo Bantii Mirkanaafi Harmee koo Aaddee Asaggadech Wiirtuuf obboleewwan ko maraaf galanni koo daangaa hinqabu. Akkasumas, Abbootii Gadaa Aanaa Sabbataa Awaas, hojjetoota waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Sabbataa Awaas keessaa hojjetanii hojii qorannoo kanaatiif odeeffannoo barbaachisuu hunda naaf kennuun kan na gargaaran obboo Xilaahuun Asaffaa, Firoomsaa Kumsaa, Tolasaa Kumaa, Siisaay Malkaa, odeeffannoo gahaa waan naaf kennaniif galanni kiyyaa daangaa hin qabu. Dhuma irratti waan gaarii koo malee rakkina koo kan hin jaalanne, yeroon qorannoo koo hojjedhu deeggarsa barbaachisu gama hundaan naaf taasisuun kan na  cina dhaabbachaa turte obboleettii koo Lalisee Taaddasaaf galatoomin jedha.

# Hiika Jechootaa

**Akkayyoo**: Mala iddatteessuu miti carraa ta'ee kan qorataan kaayyoo qorannicha bu'uureffachuun filate.

**Bokkuu:** Mallattoo aangoo ulee Abbaa Gadaa kan qabatni isaa qal'atee gara mataatti kollobbatu dheerinni isaa dhundhuma kan waddeessa irraa tolfamuudha.

**Caaccuu:** Mallattoo amantii waaqeffannaa kan teepha qal'oo irratti elellaa sagal hodhaniifi kan dubartiin ayyaantuun qabattuudha.

**Callee:** Meeshaa gaafa ayyaaneffannaa dubartootni ateetee mormatti keewwataniidha.

**Gabbisayyoo:** Gabbanne,oofkallee, milkoofne.

**Hayyee:** Waaqarraa nuuf kenni, nuuf dhaga'i, nu caqasi jechuudha.

**Jeekkarsa:** Faaruu amantaa waaqeffataa.

**Marehoo:** Sagalee jajannaa ayyaana duudhaa Oromoo kan irreecha gaarii, ayyaaneffannaa gaarii, milkiifi ofkaltii ittiin dhiyeeffataniidha.

**Nu qanna'i:** Nu milkeessi.

**Siiqqee:** Ulee dheeraafi qal'aa kan haati ateetee qabattu. uleen kun mukeen kan akka arooressa, urgeessaafi kan kana fakkaatan irraa hojjetama.

**Ulfaa**: Meeshaa adda addaa waaqeffataan ittiin waaqa kadhatu.

**Waaqeffannaa:** Amantii waaqa tokkicha ittiin galateeffataniidha. Dhugeeffannaa waaqa tokkichatti taasifamu. Dhiirri amantii waaqeffannaatti amanu waaqeffataa jedhama. Dubarri immoo waaqeffattuu jedhamti.

# Baafata

**Qabbiyyee** **Fuula**


Axereera ........................................................................................................ i

Galata ........................................................................................................ ii

Hiika Jechootaa ........................................................................................................ iii

Baafata ........................................................................................................ iv

Suuraawwan ........................................................................................................ vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................................................................................ 1

1.1. Seen Duubee ........................................................................................................ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........................................................................................................ 2

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........................................................................................................ 3

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........................................................................................................ 3

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........................................................................................................ 3

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........................................................................................................ 3

1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................................................................................ 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ........................................................................................................ 4

1.7. Haala walii Galaa Aanaa Sabbataa Awaas ........................................................................................................ 4

1.8. Seenaa Jalqabbii Irreecha Awaas Malkaa Qunxurre ........................................................................................................ 7

1.9. Hidda Latiinsa Oromoo Tuulamaa Aanaa Sabbataa Awaas ........................................................................................................ 11

1.10.Qindomina Qorannichaa ........................................................................................................ 12

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........................................................................................................ 13

2.1. Yaadrimee Fookloorii ........................................................................................................ 13

2.1.1. Gosoota Fookloorii ........................................................................................................ 14

2.1.1.1. Afoola ........................................................................................................ 14

2.1.1.2. Meeshaalee Aadaa ........................................................................................................ 15

2.1.1.3. Aartii Sochii Hawaasaa ........ 16
2.1.1.4. Duudhaa Hawaasaa ........ 17
2.1.1.4.1. Kabaja Ayyaana ........ 17
2.1.1.4. 1.1. Irreecha ........ 18
2.1.1.4.2. Dhiibbaawwan Duudhaa Oromoo Irra Ga'aa Turan ........ 20
2.2. Yaaxxinaale Qorannoo Fokloorii ........ 21
2.2.1. Yaaxina Tajaajilaa ........ 22
2.2.2. Yaaxina Haalaa ........ 23
2.3. Sakatta'a BarruuWalfakkii ........ 23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ........ 26
3.1. Madda Ragaa ........ 26
3.2. Iddattoo ........ 27
3.3. Irraawwatama Qorannoo ........ 28
3.4. Tooftaa Funaansa Ragaalee ........ 28
3.4.1. Daawwannaa ........ 28
3.4.2. Af-gaaffii ........ 29
3.4.3. Marii Garee ........ 30
3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo ........ 30
3.6. Naamusa Qorannoo ........ 30
3.7. Amala Qorannoo ........ 31
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 32
4.1. Irreecha ........ 32
4.1.1. Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree ........ 32
4.1.1.1. Sirnoota Guyyaa Sana Raawwataman ........ 35
4.1.1.1.1. Faaruu ........ 36

4.1.1.1.2. Tartiiba Deemsaa ....................................................................42
4.1.1.1.3. Eebba ....................................................................46
4.1.1.1.4. Irreeffannaa ....................................................................52
4.1.1.1.5. Jeekkarsa ....................................................................53
4.1.1.2. Meeshaalee Aadaa Fayyadaman ....................................................................55
4.1.1.2.1. Meeshaalee Aadaa kan Dhiiraa ....................................................................56
4.1.1.2.1.1. Bokkuu ....................................................................56
4.1.1.2.1.2. Ciraa ....................................................................58
4.1.1.2.1.3. Alangaa ....................................................................60
4.1.1.2.2. Meeshaalee Aadaa Kan Dubartootaa ....................................................................60
4.1.1.2.2.1. Callee ....................................................................61
4.1.1.2.2.2. Siiqqee ....................................................................62
4.1.1.2.2.3. Caaccuu ....................................................................64
4.1.1.3. Meeshaa Uumamaa Dhiirrifi Dubarri Fayyadaman ....................................................................65
4.1.2. Ilaalcha Hawaasni Irreecha irratti Qabu ....................................................................66
4.1.3. Dhiibbaa kabaja Ayyaana Irreechaarra Qaqqabaa Turan ....................................................................66
4.1.3.1. Dhiibbaa Mootota Darbanii ....................................................................66
4.1.3.2. Dhiibbaa Amantaa Muusiliimaa ....................................................................67
4.1.3.3. Dhiibbaa Amantii Kiristaanaa ....................................................................67
4.1.4. Ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree Sadarkaa Amma Irra Jiru ....................................................................69
BOQONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YABOO ....................................................................70
5.1. Gudunfaa ....................................................................70
5.2. Argannoo ....................................................................70
5.3. Yaboo ....................................................................71
Wabii ....................................................................72
Dabaleewwan ....................................................................75

## Suuraawwan

**Fuula**


Suura 1: Kaartaa Aanaa Sabbataa Awaas ....... 6

Suura 2: Awaash Malkaa Qunxurree ....... 8

Suura 3: Abbootii Gadaa Marii Qophichaaf (Guyyaa 16/1/2011) argaman ....... 33

Suura 4: hawaasi yeroo isaan faaruun gara malkaa deemaan kan agarsiisu ....... 38

Suura 5: Garee Shamarranii ....... 43

Suura 6: Abbootiin Gadaa Tartiiba Deemsaan Gara Malkaa Yeroo Deeman ....... 44

Suura 7: Garee Foollee ....... 45

Suura 8: Garee warra Fardaa ....... 46

Suura 9: Abbootiin Gadaa Yeroo Eebba Eebbisaan ....... 48

Suura 10: Yeroo Namootni Irreeffachaa Jiran ....... 53

Suura 11: Hordoftoonni amantaa waaqeffataa yeroo jeekkaran ....... 54

Suura 12: Bokkuu ....... 57

Suura 13: Ciraa ....... 59

Suura 14: alangaa ....... 60

Suura 15: callee ....... 61

Suura 16: siiqqee ....... 63

Suura 17: Caaccuu ....... 65

Suura 18: Marii Garee ....... 68

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seen Duubee

Uummanni Oromoo Uummatoota Itoophiyaa keessaa kan aadaa, seenaa, duudhaa, amantiifi dhugeeffannoo mataa isaa qabu saba bal'aa afaan namoota hedduun dubbatamu kan qabuufi aadaan dureessa kan ta'eedha. Aadaan yaadrimee bal'aa kan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, haala jiruufi jireenyaaa hawaasaafi gochaalee hawaasni guyyaa guyyaatti raawwatu kan calaqqisiisu kan akka amantii, beekumsa, seera, raawwiifi muuxannoo kan qabuudha. Hawaasni kamiyyuu duudhaa mataa isaa danda'e qaba jechuudha. Gareewwan hawaasaa fookiloorii qaban keessaa uumanni Oromoo tokkodha. Miseensi garee hawaasa tokkoo, jiruufi jireenya isaanii keessatti yeroo gamtaan jiraatan milkaa'ina argachuuf, beekumsa dhaloota darbeerraa dhaaluun dirqama. Sababni isaas, namni beekumsa seenaa hinqabneefi faayidaa seenaa hinbeekne quuqqaan eenyummaa, waan itti hindhaga'amneefi. Waa'ee eenyummaa isaa baruufis ta'e, walitti dhufeenya sabni dur tureefi amma jiru qabu, baruu kan danda'u, yoo seenaa hawaasa darbee beeke qofaadha. Kanaafuu, jireenya ilmaan namootaa seenaa darbe keessatti kaafnee yoo ilaaluu baanne, kan har'a irra jirru baruufis ta'e hubachuuf ni rakkanna. Egaan, kaleessi yoo hinjiraanne har'i hin jiru har'i hin jiru taanaan immoo, boru ni dhufaan tasa hinyaadamu. Sababa kanaaf, isa har'aa irratti hundoofnee, kan boruu tilmaamuufi isa kaleessaa qorachuun barbaachisadha.

Yaaduma kana ilaalchisee Dirribii (2009:16) yoo ibsu "uummanni Oromoo wantoota ittiin beekamu keessaa aadaafi amantaa isaaf iddoo guddaa qaba" jedha. Aadaan hawaasa Oromoo bal'aa akkuma ta'e tajaajjillifi hiikaan aadaa saba kana biratti qabaniis nibal'aata. Aadaan mallattoo eenyummaa, burqaa qaroominaafi tokkummaa saba tokko kan ibsuu ta'ee hawaasnifi aadaan kan addaan hinbane taa'u isaati. Aadaan sochii jiruufi jireenya saba tokko kan ibsuu nyaataa, uffannaa, ilaalcha, amantaa, safuu, duudhaa, barsiifataafi kan kana fakkaatan ofkeessatti qabatu ta'ee, kan hawaasni ittiin jiraatuudha. Akka Mulugeetaan (1999:164) ibsetti, "Amantaa Oromoo waaqeffannaa keessatti ayyaanni ergamaa Waaqaafi Waaqaafi nama kan walitti fiduudha. Rakkoon jirus akka hiikkatu deemsi raawwatama jedhaniiti amanama" jedha.

Yaada kana irraa kan hubatamuu ayyaanni mil'uu, gaaddidduu, hawwii, milkiifi waan Waaqaan ramadame tiksee namaafi uumama hundaati. Akka ilaalcha Waaqeffataatti ayyaana jechuun kan namni tokko hariiroo uumaafi uumamaa gidduu jiru ittiin hubatu, kan maqaan kennamu, kan eenyu iyyuu nama irraa mulquu hindandeenye, Waaqaafi nama gidduu dhaabbatee kan tajaajiluufi namaafis furmaata kan kennuudha. Oromoon akkuma aadaa adda addaa qabu ayyaana garaa garaas ni qaba. Ayyaanota kanneen Uummati Oromoon qabu keessaas ayyaanni irreechaa isa tokko ta'ee, yoomessaan walqabachuun yeroo adda addaa bakka garaa garaatti kan kabajamuudha. Haa ta'u malee Irreechaawwan jiran keessaa qorataan Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana kan dalageeedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Irreechi hawaasa Oromoo biratti baay'ee beekamaafi jallatamaadha. Sababa qorataan mata duree kana irratti qorannoo geggeessuuf filateef hedduudha.

1ffaan Dimma kana ijoollummaa kaasee wanta dhaga'uuf wanta dhaga'aa ture kanas carraa argatee marsaa sadii qaamaan irratti argamee daawwatee akka irratti hojjetuuf fedhiin keessoo isaa bule.

2ffaa Sirna kabaja ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurreen walqabsiisee dalaga hawaasni sirna kana irratti raawwatu, meeshaalee isaan dhimma itti ba'aan, mallattoolee isaan fayyadaman hiika isaanii ifa gochuuf.

3ffaan Qorataan kun humnaafi yeroo qabu fayyadamee hanga sakatta'etti qorannoo ga'aan irreecha Awaash Malkaa Qunxurree irratti geggeeffamee waan hin jirreefidha.

4ffaan Bakki hojii qoratichaa achi waan ta'eef yeroo yeroon odeeffannoo barbaachisan funaannachuuf bakkee kana filate.

5ffaa Ilaalcha dogoggoraafi wantoota sirna kanarratti dhiibbaa geessisaa turan ifa gochuudha.

Ummatni Addunyaa kana irra jiraatan seenaa mataa isaanii dhuunfaa dhuunfaan akkuma qaban Oromoon aadaaf seenaa isa ibsuu waliin niqaba. Uummatni tokko seenaa ofii isaa beekuun immoo eenyummaa ofii isaa akka beekuufi qaccee yookiin sanyii isaa akka beekuuf ni gargaara. Seenaa ofii beekuun seenaa darbe irraa baratanii seenaa har'aa qajeelchuu, hubachuufi kan boruu immoo qo'achuuf nama gargaara. Kanaaf irreecha eenyummaa uummata Oromoo calaqqisiisu kana kaleessa maal akka ture har'a immoo sadarkaa maalii

irra akka jiru beekuun murteessaadha. Dabalataanis dhimma itti fufuunsa irreechaa kanaan walqabatee rakkinoota turan ifatti baasuudha. Akkasumas, haaldureewwan wantoota irreechaaf barbaaachisan hawwaasni qophiin isaa maal akka fakkaatu eeruuf kan yaadameedha. Kunis gaaffileen ijoo ta'aan armaan gaditti dhiyaataniiru. Isaanis:

1. Sirnooti guyyaa sana raawwataman maal fa'ii?
2. Meeshaalee Oromoon qabatee bakka ireechaa deemuu maal fa'ii?
3. Xiyyeeffannoon irreecha malkaa kanaaf kennamee jiruu maal fakkaata?
4. Hirmaatotni tartiibni deemsa isaan gara malkaa ittiin deeman maal fakkaata?
5. Haala itti fufiinsa irreechaan walqabatee dhiibbaa akkamiitu ture?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sirna raawwannaa kabaja Ayyaana Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Sirnoota guyyaa sana geggeeffaman tartiibaan qindeessuu.
- Meeshaa Oromoon qabatee bakka irreechaa deemu hiika isaa ibsuu.
- Hirmaattotni Tartiiba ittiin gara malkaa deeman ibsuu
- Mallattoolee sirna kana irratti hawaasni fayyadaman ibsuu.
- Haala itti fuufiinsa irreechaa irratti wantoota gufuu ta'aa turan ifa gochuu.
- Xiyyeeffannoo kunuunsa malkaa kanaan walqabatee jiru ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

- Qorannichi erga geggeeffamee faayidaalee armaan gadii ni qabaata.
- Dhalootni dhufu barruu kana dubbisee aadaafi duudhaa isaa beekee akka kunuunfatuuf ni gargaara.
- Seenaafi maalummaa irreechaa akka beekaniif hubannoo ni uuma.
- Qaama dhimma kana irratti qorannoo bal'aa geggeessuu barbaaduuf odeeffannoon qorannoo kanaa yaada ka'umsaa ta'uun ni tajaajila.
- Namoota waa'ee irreechaa hin beekne ni barsiisa.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Sirna kabaja ayyaana irreechaan walqabatee yeroo adda addaa bakkeewwan garaa garaatti kan ayyaaneffamuudha. Haata'u malee kanneen keessaa qorataan irreecha Awaash Malkaa Qunxurree kan bara 2011 irratti xiyyeeffachuun sirnoota guyyaa sana raawwataman qofa irratti daangessee hojii kana kan dalageedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Madda moggaasa malkaa kanaan walqabatee bara kam? guyyaa kam? akka moggaafame odeeffannoo qabatamaa dhabuu. eenyu dursee malkaa kanatti irreeffachuu akka eegale ragaa qabatamaa dhabuudha. Haata'umalee, dhimma kana ilaalchisee bifa afgaaffiitiin abbootii Gadaafi maanguddoota naannoo sana jiraataniif qorataan afgaaffii godhe. Isaanis kana irratti hundaa'uun duubdeebii isaan kennan duraanuu jira abboottan keenyatu qabatee as dhufe yaada jedhutu kennamee ture. Ebeluudha jedhanii maqaa namoota ittiin eegalame hin arganne Sadarkaa waajjira aadaafi tuurizimiittis wanta qindawaa dhimma jalqabbii isaan walqabatus argachuu hindandeenye.

## 1.7. Haala walii Galaa Aanaa Sabbataa Awaas

Moggaasni maqaa Aanaa Sabbataa Awaas jalqaba eenyuun jalqabe kan jedhuuf bara Mootii Minilik keessa Mootiin Naannoo Jimmaa Abbaa Jifaar imala karaa Finfinneefi Jimma gidduu yeroo deddeebi'aa turan magaalota hedduuf maqaa moggaasaa turaniidha. Haaluma kanaan naannoon magaalaa Sabbataa kunis lafa qorannoo kan tureefi manni jireenyaa baay'een kan irra hin jirre waan tureef mootiin kunis "Alamganaa"jechuun moggaasan. Hiikni isaas Magaalli kuni Finfinnee jalatti dhihoo waan taateef abdiin gara fuula duraa guddachuu ishee guddaa waan tureef maqaa kana moggaasaniifi jedhama. Mootii kanaan moggaasa erga argatee irraa jalqabee magaalli kun maqaa kanaan waamamuun baroota dheeraaf hanga bara 1998tti waamamaa turteetti. Haata'u malee garuu yaada hawaasaafi qaamota garaa garaa irraa ka'aa tureen maqaan kun maqaa Afaan Amaariffaa waan ta'eef Afaan Naannoo Oromiyaa keessatti seenaa afaaniifi jechumti isaa haala waliigala Aanichaafi Oromiyaa ibsuu waan hin dandeenyeef akka geeddaramuuf yaadni garaa garaa ka'aa tureera.Yaaduma kana bu'uura godhachuun yaadni ka'ee kun dhugaa sirrii ta'uun isaa amanamee akka geeddaramuuf sadarkaa mana mare Aanaa Alamganaaf dhiyaatee ture. Mana mare Aanaa


Sabbataa Awaasittis  yaaduma kana bu'uura godhachuun yaadni ka'e kun dhugaa sirrii ta'uun isaa amanamee akka geeddaramuuf sadarkaa mana mare Aanaa Alamganaaf dhiyaate. Manni mare Aanaa Sabbataa Awaasis yaaduma kana bu'uura godhachuun yaadni ka'e kun sirrii ta'uu amanee yaa'ii 14ffaa bara1998 dhiyaate irratti manni marees maqichi geeddaramuu akka qabuufi yaa'ii 15ffaa irratti hawaasa jaarsota ta'aan Ganda Gandaan moggaasa Aanaaf ta'uu gaafatamee akka dhufu irratti walii galamee ture.Yaa'ii itti aanuu yaa'ii 15ffaa irratti haala qabatamaa Naannoo  Aanaa Alamganaa ibsuu danda'uun moggaasa maqaafi maqaa ta'uu danda'uu akka filannootti maqaan sadii kan ka'ee yoo ta'uu. Isaanis: Aanaa Sabbataa**,** Aanaa Sabbataa Awaas**,** Aanaan Sabbataa Moglee dhiyaatanii turan.

Haaluma kanaan maqaan Aanaa Sabbataa Awaas gaarii akka ta'eefi sababni isaas lagni Awaash Aanaa kana kan daangessuufi misoomsaa kan jiru ta'uu isaati. Lagni Awaash Uummata Oromoo naannoo kanaatiif seenaa guddaa kan qabuufi Oromoon Awaash Malkaatti waaqa kadhachaa kan tureefi Malkaa Awaash balloofi Awaash Malkaa Qunxurreetti waan irreeffachaa turaniif kunis maqaan kun yoo moggaafame uummata Aanichaa biratti fudhatama kan qabu ta'uu isaati. Filannoo sagalee kennameen Aanaa Sabbataa Awaas haa jedhamu kan jedhuun mormii sagalee tokko malee walga'ii yaa'ii idilee15ffaa mana mare Aanaa Alamganaa galma Bulchiinsa Magaalaa Sabbataatti gaafa guyyaa 15/07/1998 ta'aamee Aanaa Sabbataa  Awaas akka ta'u murtaa'ee mirkanaa'ee kan jiru ta'uu isaati.

Aanaan Sabbataa Awaas Naannoo Oromiyaatti Godina Addaa Naannawaa Finfinnee keessaa isaa tokkoo ta'ee Gandoole baadiyyaa 37 fi Magaalaa 4 kan qabduudha. Aanaan Sabbataa Magaala Guddoo biyyaa irraafi teessoo bulchiinsa Godina addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee kan taatee Finfinnee irraa kilomeetiraa 25 kallattii kibbaa dhihaatiin kan argamtuudha. Haala Astronomiitin ''Laatitudii $8^0,37^0-9^0$ $130^o$ fi loongituudii $38^0 24^0$ ;$30^0-38^0$ $45^0$ $30^0$ gidduutii kan argamtuudha. Aanaaleen daangeessanis Kaabaan Aanaa Walmaraafi magaala Finfinnee, Bahaan Aanaa Aqaaqii, Dhihaan Aanaa Iluu Ejeree, Tolee fi  Kibbaan Aanaa Qarsaa Mallimaa dha. Bal'innii Aanaa kanaa heektaaraa 72,542 yommuu ta'uu ittii fayyadama lafaa ilaalchisee Qonnaaf kan oolu (82.9%) kaloo looniitiif Heektaara 2,254 (3.1%) Bosonaaf Heektaara 2,148 (2.96%) Midhaan Dhaabbataa Heektaara 201 (0.277%) Lafti magaalan Heektaara 5**,** 907 (8.14%) Lafa Garbaan Qabamee Heektaara 1390 (1.92%)

Inveestimentiin kan qabamee Heektaara 124 (0.17%) ta’ee kana keessaa dhimma piroojektoota garaa garaa (agro Industrii manufacturing tajaajila Hawaasa Hoteelotaafi bashannanaaf) irraatti Carraan hojii banameefi jira. Haalli qilleensaafi teessumni lafaa ishee Olka’iinsa**,** 800-3, 385 yoo ta’uu gidduu galeessatiin meetira 2,592.5 ta’a. Lafti qonnaa Aanaa kanaa Heektara 60,518 dha. Haala biyyoo Aanaa Sabbata Awaas akaakuu Gosaa biyyee sadii qaba. Innis Biyyoo gurraachi 61%**,** diimaan 34%, walmakaan 5% fi gosaa oomishaa midhaan gurguddoon keessaa kan oomishamaan midhaan Aanichaa Meetira1 biilaa dheedhii baquufi kan kana fakkaataniidha. Laggeen Gurguddoon Aanaa kana Keessaa jiraniifi tajaajila kennuu danda’aan Awaash, Axaballaafi laga Aqaaqiiti. Haala lafa jaallisiidhaan Misoomuu danda’uu heektaara 15,969 keessaa heektaara 15,969 keessa heektaara 2076 misoomera. Lafti faayidaa irraa kan hin oolle heektaara 579dha. Dinagdee fi Bu’uura misooma Aanichaa ilaalchisee %90 qonnaa irrattii kan hunda’eedha.

**Suura 1: Kaartaa Aanaa Sabbataa Awaas**




Madda: WAT (Mudde 12, 2011) qorataan kan kaafame

Akkuma Aanaaleen Oromiyaa keessa jiran kanneen biroo qabeenyaa hawwata tuurizimii fi Bakkeewwan Seena qabeessa qaban keessaa Aanaan Sabbataa Awaasis iddoowwan seena qabeeyyii hedduu qabdi. Isaanis: Gaara Moglee Ganda Moglee keessatti kan argamtu, Furii Gaara Boolloo Ganda Furii keessatti argama, Riqich Awaash Awaashitti argama, Hidha Abbaa Saamu'eel Ganda Kamsii Dikaatti argama, Masaraa Mootummaa Haayilesillaasee Ganda Tafkiitti argamuufi kan kana fakkaataniidha.

Dabalataanisa bakka Malkaa kana irraa 2m kan fagaatu iddoon seena qabeessi jiraachuu isaati. Innis biyyi keenya Itiyoophiyaan dachee argama dhala namaa akka taatee qorattoota biyyoota Addunyaatiin mirkanaa'eera. Isaan keessaa bakki kun ishee tokko Iddoo hambaa lafee namaa sanyii "Homo Irrektas" kan umrii Waggaa mil.1.7 lakkoofsise jiraachuu isaa. Hambaa lafee namaa "Turki'ana Boy" jedhamus umurii Waggaa 1.6 qabdus argamuu isaati. Hambaalee lafee bineensotaa gurguddoo keessatti argaman fakkeenyaaf; Sattawwaa, Arba, Gadamsa, Roobiifi kan kana fakkaatan umurii dheeraa qaban "Open air museum" kan keessatti argamaniidha.

Hambaalee meeshaa dhagaa irraa hojjetamaan itti argaman namoonni durii adamoo fi nyaata adda addaaf dhagaalee irraa akka hojjetanii itti fayyadamaa turan kan mul'isu jiraachuusaa. Akkasuma qorannoon wiirtulee Afiriikaa gaggeeffamani argaman keessaa kan akaakuun qorannoo sadi (3) Arki'olojii, Ji'ooloojii fi Paliyoo Antiroppoolojii ta'aan bakka tokkotti argamuu isaati. Akkasumas iddoo seena qabeettii kan taate holqi Nam-tolchee Furii Gaaraa Boolloo ishee tokko. Holqi kun Aanaa Sabbataa Awaas ganda Qote bulaa Furiitti argama. Finfinnee irraa Km30-35 tilmaamaan ni ta'a. Holqi kun kutaalee gurguddaa 2 fi xixiqqaa 4 kan qabuudha. Isaanis kutaa meeshaa Waraanaa, kutaa birrii, kutaa Bullukkoo fi kutaa Warqiiti. As irraa wanti hubannuu Aanaan kun bakkee qorataan qorannoo itti geggeesseen alatti iddoowwan seena qabeessa ta'aaniin badhaatuu ta'uu isaa as irraa hubanna. Madda Waajjira Aadaafi Tuurizimii (Mudde12, 2011) kan fudhatame

### 1.8. Seenaa Jalqabbii Irreecha Awaas Malkaa Qunxurre

Moggaasa maqaa Awaash Malkaa Qunxurreettiin walqabatee odeefkennaa Obbo Firoomsaa Kumsaa (26/3/2011) 'Awaash Malkaa' kan ture moggaasa maqaa kana kan argattee bara durii daldaltootni Oromoo Sidaamoo, Buttaa jiraa, Walaayittaafi naannawaa ishee kan jiran

gogaa (kallee)fi buna gurguruuf gara Finfinnee yeroo dhufan malkaa kana yeroo ga'aan ni boqotu. Akka ammaa manni ciisichaa waan hin jirreef bakki bultii isaaniis achumadha. Imaltooti Sidaamoo kaasanii Finfinnee galuuf miilaan adeemsa guyyaa torba waan itti fudhatuuf galaa (mijuu) gudunfatanii dhufan laga bal'aa Awaash Malkaa kana bira yoo ga'aanii galaa yookiin mijuu isaanii qabatanii deeman kana osoo hin nyaatin dura mataa isaa erga irraa kutanii booda Malkaa Awaash hanga asiin nu geesse qunxurree siif kennine jedhanii irratti irreeffatanii gumaachuudhaan waaqa galateeffatanii nyaatu jedhu, Finfinneetii gara kibbaa meeshaalee adda addaafi midhaan gurgurachuuf si'a deeman immoo biyya nagaatii akkuma baanee biyya nagaatti nu galchi, ati dugda nu jabeessi, kunoo qunxurree siif kenninee nurraa fudhu jedhanii waaqa ofii kadhatanii darbu turan kanuma irraan kan ka'e malkaan kun Awaash Malkaa Qunxurree jedhame.

**Suura 2: Awaash Malkaa Qunxurree**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Odeefkennaa Abbaa Malkaa Taaddasaa Seefuu Guyyaa (19/1/2011) Uummanni Aanaa kanaa fi naannawaa kana jirataan sababni isaan laga kanatti irreeffatani lagni Awaash Malkaa Qunxurree laga guddaa fageenya dheeraa deemuu danda'uufi laga bonaa ganna yaa'uu

akkasumaas laga hin gogneedha. Laga Aanaa Sabbata Awaas daangessee argamuu fi misooma Aanichaa ga’ee guddaa uummatni irraa argachaa jiruudha. Kana malees bakka ulfaa yoo irratti kadhatan waaqni kadhata nama dhaga’uu fi bakka namoonni gamaa gamanaa ittiin walitti ce’aaniidha. Akkaataa irreefannaa namootatiin walqabatee irreechi bakka lamatti qodama. Innis irreecha gosaa fi irreecha sabaati. Akka Aanaa Sabbata Awaasitti, irreechi Awaash Malkaa irratti irreeffatamu irreecha gosaati. Kunis waqtii birraa ayyaana gubaa masqalaa booda walakkeessa ji’a fulbaanaa (17-20) giddutti bara baraan irreeffatamaa ture irreeffatamaa jiras. Sababni irreechi Awaash Malkaa Irreecha sabaa Hora Arsadii durse kabajamuuf Oromoon dursa abdaarii ofiitti erga irreeffaatee booda gara irreecha waliinitti ba’ee irreeffata jechuun yaada qaban ibsu.

Yaada kana irraa wanti hubannu erga qe’ee ofiitti waaqa kadhatanii booda bakka tokkummaa sana deemanii irreeffachuun akka danda’aamuu ibsa. Dabalataanis bartee yookiin amaleeffannaa ganamaa dhalootaa dhalootatti adeemsa kanaan as waan dhufeef irreecha Hora  Aarsadii dursanii irreefaatu.

Odeef kennaan ogeessi waajjiraa aadaafi tuuriziimii Tolasaa kumaa (Guyyaa 4/17/2011 ) Hawaasni Aanaa kanaa amantaalee garaa garaa kanneen akka amantaa Ortodoksii, pirotestaantii, Islaamaafi amantaa waaqeffataa hordofu haata’u malee, Sirni irreeffannaa Awaash Malkaa Quxurree irratti gaggeeffamaa turee mootota dabraan keessa yeroo tokkoo muldhachaa yeroo haalli  hin mijaanne immoo dhokachaa miidhaa irra jiru hunda danda’ee darbee as ga’e jira. Garuu waggoota dhiyoon asitti kabaja ayyaana Irreecha Awaash Malkaa irratti baay’inni namoota hirmaatanii (irreeffatanii) baay’ee dabalaa kan jiru ta’uu isaati. Akka fakkeenyatti yoo ilaalame baay’inni namoota irreefatanii bara 2010 kuma digdamii shaniitti (25000) yoo tilmaamu kan bara 2011 immoo naannoo namoota kuma soddomii shan (35000) ni ta’a jedhame tilmaamama jedha. Kana irraa kan hubatamu baay’inni namoota hirmaatanii bara baraan dabalaa akka jiruu fi ummannis dammaqee aadaa ofii beekee duukaa akka bu’aa jiran namatti agaarsisa. “Irreecha jechuun akkuma amantii kiristaanaa keessatti ayyaana cuuphaa, ayyaana faasikaafi muusliimaa keessatti ayyaana arafaa, ayyaana mooliidaa, jedhanii kabajatanii amantiin waaqeffataan immoo ayyaana irreechaa kabajata” jechuun (Leellisaa 2015:196 ) ibsa.

Yaadaa kana irraa wanti hubachuu malluu ayyaanni irreechaa akkuma amantaaleen biro ayyaana addaa addaa kabajatan  waaqeffataanis kan ittiin aadaa isaa calaqqisiifatu ayyaana irreechaa qabaachuu isaa ibsa. Sirna ayyaana irreechaa kana Oromoon amantaa kam keessa iyyuu  jiruu kan waaqeffataa  hin taane yoo  Irreecha deeme amantaa isaa wanti faallessu tokko illee kan hin jirreedha. Garuu akka irratti hin argamne dhiibbaa hordoftoota amantaa inni keessa  jiru sana sodaata. Kun immoo qabatamaadhaan namoota tokko tokko irra yoo ga'uu ni mul'ata. Amantaa isaanii akka waan xureesseetti, akka qabeenya waaqeffataa qofaatti ilaaluun waaqeffataan bishaanitti sagada, tulluutti sagada jedhu madda rakkoo kanaa kan ta'e immoo hubannoo dhabiisadha. Karaa kallattiinis ta'e alkallattiin Oromoo ta'ee fedhii osoo qabuu akka achitti argamee hin daawwanne illee dhiibbaan ni jira. Rakkooleen kunneen kan mul'ataniidha. Dhimma kanaan walqabatee hubannoofi hanqinni  jiru maal akka ta'e beekuuf tooftaa addaa addaatu jiru akka amantaa waaqeffannaatti uummatni Oromoo yookiin hordoftootni amantaa waaqeffannaa kabaja, safuu waaqaafi lafaa eeggachuuf waan ilaallatanii godhan hedduu qabu. Dhibaafachuun, beekaa gaafachuun, milkii ilaallachuu, ofitti qaluu, hooda dubbachuufi irreeffachuun safuu waaqaa eeggatu.

Akka Leellisaa (2015:184) ibsuutti

> *wanti cimaan waaqaan morkuufi mormuu hin jiru wanti seexana jedhanii waaman amantii waaqeffannaa keessa gonkumaa hin jiruu. Wanta isaan morkuu waaqni hin uumu, waan hunda waaqatu uume waan ta'eef kan aangoo isaan qixa qabuu waaqni hin uumne hin uumus, Waaqeffataa ta'uun ofta'uudha, ofta'uun immoo heera uumaati. Waaqa nu uumetti amanna. Uumaan waaqa kadhanna, waaqa nu uume tokkicha qofaatti amanna. Gorsaafi ajaja tokko malee waaqa hojii isaa ilaallee itti amanna, galateeffanna, kadhanna, yeroo inni roobee biqilchuufi caamee bilcheessu ilaallee kan inni uumee malkaafi tulluu baanee gochaafi uumaa isaa ilaallee jaallannee galateeffanna"*jedha.

Yaada kanarraa wanti nuti hubannuu namootni yeroo irreeffannaa gara malkaa deeman hojii uumaa kana ilaalanii waaqa uumaa kana uumee gaalateeffatu. Kanumaan kan walqabatuu yaadotni dogoggora ta'aan yeroo namoota biraa ka'aan ni jiru akka waan malkaa sana kadhataniitti fudhatu miti garuu uumaa malkaa sanaati kan galateeffatan yookiin itti irreeffatan jechuudha.

### 1.9. Hidda Latiinsa Oromoo Tuulamaa Aanaa Sabbataa Awaas

Akka aadaa Oromootti dur irraa kaasee hidda yookiin sanyii lakka'aa kan turaniidha. Yaada kana kan dhugoomsuu kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa fuula 106 irratti "akka odeeffannoo maanguddoota Tuulamaatti dhalootni Oromoo jalqaba Horoorraa (abbaa Oromoo hore) irraa akka ka'e himu" jedha. Kanuma bu'uura godhachuun hiddi latiinsa Tuulamaa caatoo armaan gadiitiin kan mul'atuudha.

Tuulama-3

Daaccii-3 Bacho-6 Jiille-6

Daaccii-3

Jahaan Galaan
Jidda-5
Liiban-2
Aabbu-3
Liiban-2
Ada'a-3
Warra Jaarsaa-4

Sadeen Sooddoo
Liiban
Tum'ee
Ooditu

Bacho-6

Iluu-3 Meettaa-8 Waajituu-9 Garasuu-9 Keekuu -3 Uru-9

Meettaa

Amuma (8) Sibba (5) Kuyyu (7) Buyemma (4) Agga (3) Akkeyu (3) Wallaqo (5)

Madda: Alemayehu Haile etal. History of the Oromo to the Sexteenth Century (2nd ed. 2006 (1998): 133

## 1.10. Qindomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti kan qoodamuudha. Boqonnaa jalqabaa keessatti seensa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannoofi hanqina qorannichaa, haala walii gala bakka qorannoon kun itti geggeeffamuu, seenaa jalqabbii ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree, hidda latiinsaafi qindomina isaatu argamu. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’aa barruutu dhiyaata, Boqonnaa sadaffaa keessatti tooftaa qorannooti. Kunis malleen odeeffannoon ittiin sassaabamuufi qaacceffamu ofkeessatti qabata. Boqonnaa arfaffaa keessatti qaaccessa odeeffannoo funaanamantu dhiyaata. Boqonnaa isa dhumaa keessatti immoo gudunfaafi yaada furmaataatu kennama. Dhuma irratti kitaabilee wabii, rarraatuuwwan akka odeeffannoo funaanuutti tajaajilaniifi fakkiiwwantu ka’aamu.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamu ragaa haayyota, kitaabilee barreessaniifi ragaaa afaaniin haayyota irraa argameen deeggaramee dhiyaata. Dastaa (2002:71) akka jedhutti qorannon yaada mata duree sana kan deeggaru yookiin kan mormu ta’ee dhiyaachuu qaba jedha. Dabalataan immoo faayidaa sakkatta’a barruu hojjetamaniin kan walqabsiisuudha. Haala kanaan mormuu, deeggaruu, cimsuufi qaawwa mul’atu agarsiisuun qorannichaaf ka’umsa kan ta’e adda baasuudha. (Addunyaa, 2011:57) Yaadni kun kan inni ibsuu barbaaduu qorannoo tokko geggeessuufi wiirtuu lafee dugdaa qorannoo geggeeffamu sanaaf kan ta’u yaada haayyotaan deeggaraa deemamuu akka qabu ibsa. Dabalataanis hojiiwwan kanaan duraa sakatta’uun daran barbaachisaadha. Barreeffamoota armaan duraa kan mata-duree qorannichaan hidhata qaban sakatta’uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuudha.Kana jechuun qorannoo keenya waliin kan hariiroo qaban dubbisuun gabbinaafi bilchina yaadaaf murteessa ta’uusaati.

## 2.1. Yaadrimee Fookloorii

Yaadrimeen fookloorii bal’aadha. Waan hawasni jiruufi jireenya isaa toora qabsiisuuf, beekumsa ganama (indigeneous knowledge) gargaaramee, kalaqee gamtaatiin itti gargaaramu mara ilaallata. Fookloriin qaama oolmaafi bultii dhala namoota hunda keenyaati.Jireenya guyya guyyaan ittiin oollee bullu hunda keessa fooklooriin jira. Fookloriin aadaa keenya, afaan keenya, uffata keenya, gaddaafi gammachuu keenya, nyaataafi dhugaatii keenya.

Georgesfi Jones (1995:314) kallattii bu’aa fooklooriin tokko hawaasaaf qabuun yoo Ibsan

> *Through folklore people can educate or acculturate each other perceptuate, challenge or modify a groups social norms and values, inform others about the basis for or nature of their culture, reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence and entertain or been intertained,*

Kunis afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Fookloorii gargaaramee hawaasni waa barsiisa, dudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa’ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannanaa, walbashannansiisa. Hawaasni bifa ammayoomeen har’a seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchu dhakaa

bu'uuraa kan tahe, bekumsa fookloorii irra dhaabbateeti. Har'as duukaa jira, boorus biraa hinhafu. Bifuma walfakkaatuun hayyoonni kunneen (fuula:170), irratti itti dabaluudhaan faayidaa fookloorii, "…it is the case that in folklore implicit world views principles and themesare made explicit," jedhu. Kunis, afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani otoo homaa hindhoksin akka ifa baasu agarsiisa. Kana jechuun afoolli daawitii hawaasni tokko ittin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

### 2.1.1. Gosoota Fookloorii

Fookloorii (folklorist) beekamaa Ameerikaa kan ta'e Riichaard Doorson afoola iddoo gurguddoo (gooroo) 'genre' afuritti qooda (Dorson,1972) Afoola, Duudhaa hawaasaa, Wanta aadaa fi Aartii sochii hawaasaati.

#### 2.1.1.1. Afoola

Afoolli jiruuf jireenya beekumsa ganamaa gargaaramuun osoo hinbaratiin dandeettii uumamaan waan mul'ataafi hinmul'atne kalaquun hawaasni itti gargaaramudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaa galatti, ogumma (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha. Afoolli kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufataa ture ofkeessatti hammateera. Kunis jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, mudannoowwan garaa garaa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa uumamaa deemu. Afoolli keessumaayyuu hawaasa qubeetiin barreessuu hineegalle biratti waa'ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gahee guddaa taphatu. Kana malees, akka kitaabni Jaarraa Wasanee (2008) jedhutti, "Afoola jechuun dhaala jechaa kan muuxannoon jiruufi jireenya saba tokkoo dhaloota irraa dhalootatti ittiin darbu qaama ogbarruuti" jedhu. Akka kitaabni kun jedhutti, afoolli dhaala jechaan kan abbaan mucaa isaaf dabarsuudha.

Afoolaan gargaaramee hawaasni, eenyummaa ofii beeksisaa dhufte hidda dhaloota isaa seenessaa waa'ee jireenya walii galaa irratti falaasama qabu ibsata. Aadaafi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus ogafaaniini. Gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdii, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii, hunduu afoolaan ibsamu. Kanaafuu, afoolli mana kuusaa jiruufi jireenyaafi beekumsaati jechuun nidanda'aama. Afoollii bakka

gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: Ogafaan seeneffamaafi afwalaloodha. Ogafaan kanneen akka mammaaksa, hibboo, sirba, geerarsaa, jechama, faaruu, tapha ijoollee fa'itu jira. Isaan keessaa faaruun aadaa muuziqaa hawaasaa ofkeessaa kan qabu, garee hawaasaa murtawaa biratti bal'inaan kan argamuudha. Akkasumas, Gosoota afwalaloo Oromoo bifa walaloon dhiyaatu keessaa tokko weedduu yookiin faaruudha. Faaruun gosoota garaa garaatu jira. Isaanis: Faaruu haadhaa, irreechaa, hiriyaa, abbaa, biyyaa, lammii, lafaafi kan kana fakkaataniidha.

> *Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions customs, beliefs, rituals, sorrow and joys. And songs are the means by which society expresses its feeling and an emotion, understanding about the past, reacts to the present situation, teaches the new generation and forwards to the coming generation (Gemechu, 2004:8-9).*

Yaada kana irraa wanti hubannuu Uummatni Oromoo duudhaa, barsiifata, amantaa isaa, sirna waaqeffannaa, gaddaafi gaammachuu ittiin ibsachuu danda'uu faaruu (weedduu)n kan fayyadamuu ta'uu isaa ibsa. Faaruudhaan duudhaa jiru dhaloota amma jiru barsiisuun dhaloota haaraa ittii aanuutti ceesisuun akka danda'aamuudha.

#### 2.1.1.2. Meeshaalee Aadaa

Namoonni fedhii meeshaafi xinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan wantoota ijaan mul'ataniifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Wanti aadaa kan gurraan dhaga'amu yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaalamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falasama hawaasa tokkoo kan calaqqisuudha. Namoota ilaalchafi barsiifata tokko qabaniin dhaloota tokko irraa kan itti aanutti bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutiin qabeenya aadaa darbuu danda'uudha. Hawaasa industiriin osoo hindagaagin dura turan irratti ogeessonni saba (ethnographers) wanti aadaa kun garaa garummaafi walitti dhufeenya aadaa hawaasa adda addaa jidduu jiru mul'isa.

Meeshaa aadaa faayidaan inni Uummataaf qabuu dhimmi hawaasaa akka irra deddeebi'amee raawwatu waan taasisuuf looriin hawaasichaa cimee akka itti fufuuf ni gargaara. Yaada ilaachise Dirribii (2012:107) yoo ibsuu, "Ulfaan meeshaalee adda addaa waaqefataan yeroo waaqa kadhatuufi ayyaaanefatu ittiin waaqa kadhatuufi ittiin jiraatuudha. Ulfaan wantaa hedduu of keessaa qaba. Isaanis: caaccuu, callee, kolbaa, sabaroo, qoloo, faachoo, kallacha, Ladduu, Imuu, Bokkuu, Ardaa, jilaafi kan kana fakkaatani" jedha.

Meeshaaleen aadaa eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuu keessatti bakka olaanaa qabu. Hawwaasni addunyaa kanaa kamuu meeshaalee aadaa adda addaa dhimma addaa addaaf kan itti fayyadamu yoo ta’u, meeshaaleen aadaa kunniin akkuma hawwaasicha keessatti bakka olaanaa qaban sana hiikni isaan hawwaasa sana ibsuuf qabanis akkanuma olaanaadha. Gamooleen duriifi ammayyaafi meeshaaleen aadaa ogummaa harkaan hojjetaman hawaasa abbaa ogummaa sana bocate sana ibsuuf bakka olaanaa qabu. Kana malees halluun hawwaasni dhimma adda addaaf itti gargaaramu hiikaa mataa isaanii qabu. Dubartoonnis mallattoolee adda addaa gargaaramuun sagalee isaanii dhageessifatu, aangoo qabanis gargaaramu. Yaaada kana Hodder (1991:141) irratti akka kanaa gadiitti ibsa:

> *Any society has their own material culture which identifies them from another society. Ancient and modern buildings and artifacts, the intended and unintended residues of human activity, give alternative insights onto the ways in which people perceived and fashioned their lives. The decoration of materials has been interpreted as a form of silent discourse conducted by women whose voice has been silenced by male dominant interest. Signs may be used to mark out silently and to draw attention to, tacitly areas of female control such as female areas of houses and power that women have. This expresses female power.*

Meeshaaleen aadaa kan hiika ifaan ta’aan (facitly) kan qabaniifi hawaasa kamuu keessatti ergaa of danda’e kan qaban ta’uun beekamaadha. Yaadni kun mirgaafi aangoo dubartootaaf, bakka olaanaa kennuuf meeshaan aadaa ibsituu isaanii akka ta’e ifa godha. Sirna irreecha irratti meeshaalee ulfoon kunneen olitti tuqaman fayyadamuun duudhaa hawaasaa ibsuufis ta’ee looriin hawaasichaa akka lafa qabatee dhaloota itti aanutti ce’uuf ga’ee olaanaa qaba.

### 2.1.1.3. Aartii Sochii Hawaasaa

Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, gosa aartii hawaasa keessaa tokko ta’ee ogumni isaa sochii qaamaan kan mul’atuudha. Akkuma gosa afoola biroo aartiin sochii qaamaa hawaasaa, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaan guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta’een, jechuunis harka, miilla, mataa, fuula, mudhii, mormaafi kan kana fakkaatan keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha. Aadaafi ayyaaneffannaan raawwii tokko malee adeemsifamuu hin danda’u. Kanaaf sirni ayyaaneffannaa aadaa tokkoo gara raawwiittii yoo jijjiiramuu baatee lubbuu qabaachuu hin

danda'u. Raawwiin amala fookiloorii hunda akka ta'ee hayyuun Sims and Stephans (2005:128) akkas jechuun ibsu "All expressions of folklore are performance, nonetheless"jedhu. Yaada kanarraa wanti hubannuu sirni ayyaaneffannaa erga jiraatee raawwiinis jiraachuun dirqama ta'uusaati. Sababni isaa fookilooriin kam iyyuu raawwii hinqabne itti fufiinsa hinqabu. Artiin qaamaa shubbisa, ragadaa, dhiichisaa ogummaa qaamaatiin qindeessuun dandeettii, fedhii, qabaniin agarsiisuun fookilooriin Uummata sanaa kan ibsuudha.

### 2.1.1.4. Duudhaa Hawaasaa

Dudhaan hawaasaa amala hawaasni waliin qooddatu ilaallata. Dorson (1972:3) akka jedhutti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irraa xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti dha. Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti walii galee fudhateedha. Kunis dhalli namaa hanga jirutti kan jiraatu ilaallata. Hawaasni waliin jiraachuuf jecha kan waliin hordofuudha. Hawaasa gidduu bara dheeraan dura kan tureefi sabni irratti walii galee fudhateedha. Kana keessatti sirna kabaja ayyaanichaaf, aadaa waaqeffannaatu jira.

Misgaanuu (2011:1) akka jedhutti "Afoolli ummata tokkoo gaaffii ummanni tokko qabuuf deebii laachuun cinaatti, safuu fudhatama qabu, bifa garaa garaatiin barsiisuun amalaafi hojii badaa qeequuf shoora olaanaa taphachuu danda'a." jedha.Yaada kana irraa wanti hubannuu duudhaa keenya fayyadamnee dhaamsa keenya kallattii barbaadneen ibsachuu akka danda'aamu calaqqisiisa.

#### 2.1.1.4.1. Kabaja Ayyaana

Duudhaa Hawaasaa keessaa kabajni Ayyaanaa isa tokkodha. Ayyaana jechuun mil'uu, gaaddidduu, carraa, milkiifi guyyaadha. Akka dhugeeffannoo Oromootti ayyaanni waan waaqaan ramadame tiksee namaafi uumama hundaati. Ayyaana kan qabu nama qofaa miti dirreen, malkaan tulluun, burqaaafi mukni jiidhaan ayyaana qaba. Akkasumas Namni ayyaana qaba jechuun immo tiksee qaba jechuudha. Ayyaantummaa ofii gabbifatanii jiraachuuf safuu waaqaafi lafaa eeggachuun, cubbuu lagachuun jiraachuun dirqama ta'a. yoo safuu eeggannee cubbuu hin eegganne ayyaantummaan keenya nurraa bada ykn nurraa hir'ata. Kana jechuun namni ayyaana hin qabne eegduu waan hin qabneef balaan adda addaa

isa muudata.  Namni ayyaana qabu immoo yeroo hundumaa eegduu qaba waan ta'eef balaa kamiinuu hin miidhamu waan hojjatu, yoo deemu, yoo taa'u, yoo dubbatu, milkii, qaba. Yaaduma kana kan cimsu akka Dirribii (2012:111) ibsutti "Namni ayyaana qaba jechuun eegduu kan isa tiksu qaba jechuudha. Burqaan, Tulluun, malkaan, mukni jiidhaanii ayyaana qabu" jedha.

Akka amantaa waaqeffannaattii ayyaanotni kabajaman kanneen akka ayyaana gubaa, ayyaana irreechaa, ayyaana abbaa, ayyaana haadhaa (ateetee), ayyaana ijoollee, ayyaana loonii, ayyaana gadaafi kan kana fakkaatan ayyaanota uummata Oromoo biratti beekamtii qabanii uummatni Oromoo kabajachaa jiruudha. Kanneen keessaa Xiyyeeffannoon qorataa ayyaana irreechaati. Kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005:136) akkas jedhu. "The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance." Haalawwan garaa garaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattootaafi firiiwwan fooklooriin dalagamaniif anniisaa cimaa akka ta'aan  yaada olitti ka'e kanarraa ni hubanna. kanaaf adeemsa irreechaa kana keessatti dalagaawwan taasifaman yoomessa yeroo sana waliin kan walqabateedha**.**

### 2.1.1.4. 1.1. Irreecha

Jechi irrecha jedhu marga (coqorsa) daraaraa yookiin baala jiidhaa maqaa galata waaqaatiif bakka murtaa'ee tokko kaa'uudha. Dirribii (2012:74) Coqorsi gosaalee marga biroo keessaa irreeffannaaf kan filatamuudha. Sababni isaas margi kun akka marga gosa biroo yeroo bonaa illee kan hin gonne waan ta'eefiidha. Margi kun yeroo hunda jiidhinaafi dheerina kan qabu akkasumas lafarra lo'aa waan ta'eef mallattoo abdii, umurii dheerinaafi hormaata agarsiisa. Yeroo hunda jiidhaa ta'uun isaa mallattoo jireenyaati. Bartles (1983:3) Gammachuun madda ragaa taasifachuun ayyaanni coqorsaa humna uumaa addaa waaqa coqorsaa jedhu kana keessa jira margi kun lubbuu ayyaanaati jechuun ibseera. Ayyaana irreechaa irratti margi kun kennaa kabaja waaqaatiif kennamu yoo ta'uu namootni waaqa kadhatan gara isaatti kan geessu jedhamee amanama. Oromoon bakka coqorsi hin jirretti urgeessaa, baala gaattiraa, ulmaayiifi kan kana fakkaataniin irreeffatu. Ayyaaneffannaan irreechaa dhaloota kiristoosiin duraa Oromoon waaqa tokkichatti amanuun  kan irreeffatamaa tureedha. Amantiin kun yeroo rakkooleen adda addaa balaan uumamaa kan akka hongee, beela hamaa, yeroo rakkooleen

adda addaa kan akka dhukkubaafi kan kana fakkaatan si'a isaan quunnamu malkaa bu'uun uumaa isaanii kadhatu.

Irreechi tibba (waqtii) irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu. Isaanis: Irreecha birraafi irreecha Arfaasaati.Yaada kana kan gabbisuu Leellisaa (2015:194) irratti yoo ibsuu waaqeffataan waggaatti yeroo lama Malkaafi Tulluutti ba'uudhaan waaqa galateeffata jedha.

**Irreechi Arfaasaa** Arfaasaan waktii Bonaatti aanee dhufa. Bonni immoo rakkoolee addaa addaa qaba. Rakkoolee kanneen keessaa muraasni aduu hamaa, obomboleettiifi sababa margii hinjirreef loon yerootti margaafi bishaan dhabaniidha. Kanaaf, Irreechi Arfaasaa Waaqa nagaan Bona gogaa dabarse galateeffachuufi Arfaasaa sanyii addaa addaa facaafatan akka ija arfaniin biqilee firii gaarii argataniif Waaqa kadhachuudha. Yaada kana Dirribii Damusee akka kanaa gadiitti ibsa:

> *Irreechi Arfaasaa tulluutti baanee korma qallee, "Yaa Waaq lafti dheebottee, sanyii baattee magarsuuf, roobii magarsi, roobii lolaasi, malkaa booressi, sanga gateettii jabeessi, qottuu irree jabeessi, armaan gadi haamargu, sanyiin ol haamargu, nyaata ilkaansaa qabi, kan caama keessa jibban nuun hinga'iin, kan rooba keessa jibban nuun hinga'iin, cabbi kee nurra dabarsi jennee Waaqa kadhanna jedhu, (Dirribii Damusee 2009:73).*

Yaaduma kana Maammoo Gadaa, (2013) keessatti, "Margi badhaadhina Waaqayyo dhala namaaf kenne keessaa tokko waan ta'eef, kennaa Uumaan nuuf kenne qabannee Waaqa nu uume kadhanna," jedha.

Gabaabumatti, Irreechi arfaasaa galateeffannaa bona nagaan ba'uufi kadhannaa hawwii fuulduraaf Arfaasaa facaafatanii firiisaa immoo Birraa haammachuuti. Marga qabachuun immoo tokko uumama Uumaan kenneef qabatanii ittiin Waaqa isaaniif kenne galateeffachuudha. Margi lalisaadha, jidhaadha, magariisa. Kanaaf, fakkoommii badhaadhinaa, lubbuun jiraachuufi hormaataa agarsiisa. Mallattoo nageenyaatis.

**Irreechi Birraa** irreecha birraa waaqeffataan waggaatti yeroo tokkoo malkaa ba'uun kan uumaa sana ilaalee waaqa itti galateeffatu jechuudha. Malkaa galateeffata osoo hin taanee waaqa malkaa sana uume galateeffata.Yaada kanaan walqabatee ilaachi dogoggoraa namoota tokko tokko bira jiruu akka waan malkaa sana kadhataniitti fudhachuun kan mormaniidha. Meskerem (1998:186) amantii lama akkamitti hordofuu akka danda'aan gaaffii afaanii dhiyeessite, akaakayyuufi abaabayyuun isaanii utuu amantii kanneen hin fudhatin dura illee

waan tureefi waan jireenya isaaniif ta'uu ibsaniiru. Tita (2003) hiika ayyaanni irreechaa Oromoo biratti qabuufi barbaachisummaa isaa irratti qo'annoo geggeesse irratti seera, safuu, duudhaafi raawwannaa ayyaaneffannaa irreecha amantii waaqeffannaa keessatti maal akka fakkaatu gadi fageenyaan ibsa. Gedaa (1988:21) ayyaanni irreechaa ayyaana galata galfannaa Oromoo waggaa waggaan yeroo midhaan haamamu osoo hin qaqqabin kan ayyaaneffatamu ta'uu isaa ibseera. Akkasumas kan yaada kanaan walfakkaatu Meskerem (1998:89) ayyaaneffannaan irreechaa dhuma wayitii bokkaa gannaafi jalqaba ifa haaraa yaadachuuf kan ayyaaneffatamuudha jetti. Yaada kanneen irraa kan hubannuu yoomessi ayyaana irreecha Malkaa tibba dhumiisa gannaafi dhufaatii birraa giddu lamaan ta'uu isaati.

Sirni raawwii ayyaaneffannan ittiin beekamuufi akkaataan itti raawwatamu ibsamuu kanneen hawaasicha keessatti akka tasaa adda ta'aanii uumaman ibsuuf akka ta'ee hayyuun Dorson (1972:16) akkas jechuun ibsa. "Festival activities where those constracted as symbolical representations the participants would like to occur" jechuun ibsa. Raawwii sirna kabajaa tokko keessatti adeemsifamu hunduu kan isa ayyaaneffate jiraachuu qaba. Kanaaf sirni irrecha birraa kun raawwii adda addaa ni qaba. Isaanis: sirna raawwii duraa, yeroo raawwiifi raawwiin boodaati.

#### 2.1.1.4.2. Dhiibbaawwan Duudhaa Oromoo Irra Ga'aa Turan

Oromoon duudhaa mataa isaa ni qaba. Haa ta'u malee kallattiifi alkallattiin yeroo adda addaa wantoota garaa garaan hacuucamaa kan tureedha. Sababni inni ijoon dhimma kana tuquun barbaachiseef duubeen hawaasaa duraan sadarkaa maalii irra akka tureefi amma sadarkaa maalii irra akka jiru beekuun murteessaadha. Wantootni duudhaaleen Oromoo akka dadhaban taasisan danuudha. Isaan keessaa dhiibaa gama amantiifi mootoleen turan haa ilaalluu

**Amantaa Isilaamaa** Amantiin Isilaamaa jaarraa kudhanaffaafi kudha lammaffaa keessa qarqara Galaana diimaatiin sababa daldalaafi meeshaalee biyya alaatii galchuun walqabatee biyyoota Afirikaa keessaa Itoophiyaa keessatti babal'achuusaa ibsaniiru Toleeraafi Hundasaa (1995:57) as irraa wanti hubannuu dinagdeen walqabsiisuun daldala fakkeessanii carraa qabeenya horachuu bu'uureffachuu duudhaan uummata Oromoo saffisaan akka hin guddanneef wantoota gufuu ta'aan keessaa amantaan Isilaamaa isa tokkodha. Akkamiin kan jedhuuf dhimma dinagdeefi amantaa walbira qabuun biyyootni diidaa socho'aa kan turaniidha.

**Dhiibbaa Moototа Habashaa** Sirnoota darban keessa mootummootni Itoophiyaa bulchaa turan aadaafi amantaa Oromootti gufuu ta'aa kan turaniiidha. Sirna kolonneeffannaa geggeessuun Minilik safuufi duudhaa Oromoo uukkamsaa gocha hintaane irratti dalagaa kan tureedha. (Gadaa 1988:63). Haayilesillaaseenis siyaasaafi dinagdee Oromoo miidhuu qofa osoo hin taanee amantiin duudhaa Oromoo bade hordoftooti amantaa Ortodoksii akka ta'aan gochaa tureera. Bara dhufaa darbaa moototni kun gocha suukanneessaafi dadhabsiisaa duudhaa Oromoo irratti raawwachaa akka turan ifa godha.

**Amantii Kiristaanaa** Toleeraafi Hundasaan akka ibsanitti " Amantiin kiristaanaa erga jaarraa arfaffaa biyya habashaa seenee moototni amantii ta'uudhaan fuudhanii sabootas fudhachiisaa turaniiru. Imaammatni kunis mootii tokko irraa gara mootii itti aanuutti darbaa tureera. Yaada kana irraa wanti hubannu mootummooleen darban amantaa kana fudhachuun isaanii akkasumas fudhatanii immoo hawaasatti fe'uun isaanii dhiibbaa isa hamaasaa duudhaa Oromoo irratti kan fide ta'uu isaati.

### 2.2. Yaaxxinaale  Qorannoo Fokloorii

Yaaxinaaleewwan hedduu hayyuun Dorsan qoqqoode keessaa qorannoo kana waliin hariiroo niqaba jedhee kan qorataan fudhateefi mata duree kana ni gabbisa jedhee yaadee yaaxinoota lama fayyadame jira. Yaaxinaalee fokiloorii ilaalchisee Addunyaan (2011:58) hayyuu Zoltan (2005:255) wabeeffachuun, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxina qorannoon sun irratti bu'uruudha. Dhimmi kun karaa biraan  qorannichaaf dallaa  ijaaruudha, " jedha. Yaada haayyuu kanaa irraa wanti hubachuu malluu yaaxinni qorannoo tokkoof akka daangaatti dhimma biroo keessa akka hin seenneef illee kan nu gargaaru ta'uusaa as irraa ni hubanna.  Haaluma kanaan mata-dureen qorannoo kanaa qaaccessa sirna rawwannaa ayyaana

irreecha Awaash Malkaa Qunxurree si’a ta’uu yaaxxinaalee qorannoo fokilooriif gargaaran keessaa kallattiin hidhata kan qaban lama irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha.

### 2.2.1. Yaaxina Tajaajilaa

Yaaxxinni tajaajilaa gosoota yaaxxinaalee qorannoo fokiloorii jiran keessaa isa tokko ta’ee faayidaa afoolli hawaasaaf kennu yaaxina kanaan waan ilaalamuuf kana giddu galeessa godhachuun yaaxina kana qorataan filateera. Qaamni tokko fokiloori irratti qorannoo geggeessa yoo ta’e faayidaa fokiloorichi fayyadamtootaaf qabu ibsuun dirqama. Adeemsa faayidaa afoolli hawaasaaf qabu ibsuu keessatti immoo qorataan yaaxina tajaajilaatti dhimma baha. Waa’ee yaaxina kanaa Dorson (1972) Franz Boas wabeeffachuun yommuu ibsu, yaaxxinni faayidaa afoolli saba tokkoo hawaasicha akkamitti akka tajaajilu ibsa.

Bascom (1965) aartiin mallattoo ‘verbal art’jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaaji luu walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli garaa garaa qabus akkasiin ilaala: mammaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon sammuu daa’immanii bilcheessuuf, durduriin amala sirreessa akkasumas safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta’aan jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, sirbi onnee gootaa cimsa. Walumaagalatti qorataan qorannoo kana keessatti faayidaa irreeffannaan malkaa uummataaf qabu duudhaan kun akka hin dagatamne dhaloota dhufutti akka darbuuf yaadannoo ta,aa.

Simsfi Stephens (2005:174-175) yoo ibsanii yaaxinni kun fookilooriin hawaasa tokko hawaasa sanaaf faayidaa maalii akka qabu keessatti kan ilaalluudha jedhu. Yaada kanarraa wanti hubannuu fookilooriin faayidaa akka barsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirama amalaa fiduufi yeroo sirna sana raawwatan tokkummaa hawaasa sanaa ni cimsa, muxannoo adda addaa wal irraa ni fudhatu. Meeshaaleen aadaa, mallattoolee isaan sirna kana irratti dhimma itti ba’aanii aadaafi eenyummaa isaanii ibsuu keessattis ta’ee qabatanii gara malkaa deemuun ittiin waaqa kadhachuun isaanii gooroo kanaan walqabata. Dabalataanis akkaataa kanaan osoo uummati kabajani seenaa kana qorannoo irratti geggeessuun dhaloota dhufuuf ni gargaara, taatee raawwatame kun kadhannaa ni qaba, akkasumas, duudhaan sabichaa akka hin dagatamne godha waan ta’eef yaaxinni tajaajilaa wiirtuu dugda hojii kanaati.

### 2.2.2. Yaaxina Haalaa

Qorannoo kana keessatti qorataan yaaxinaalee jiran keessaa yaaxina haalaa fayyadamuun isaa sirna raawwii kana argachuu kan danda'uu yoomessa murta'aa keessatti waan ta'eef gochaan waan raawwatamu bakka murtaa'e sana deemee odeeffannoo barbaachisu fudhatee jira. Raawwiin sirna kanaa yeroof bakkaan daanga'aa waan ta'eefi akkasumas, himiinsaafi raawwii qorachuun jechoota akka walii galtee, qabiyyee, haala gosoota walii galtee aadawaa, dhugaa murtawaafi aartawaa deemsa walii galteen walqabatee yaaxina kana waliin hidhata qabaachuusaa ibsa.

Yaaxinnii kun bara 1960 afooleewwan dargaggoota ta`aniin Yuuniversitoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii Doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale.Waa'ee yaaxxina haalaa Dorson (1972:45) irratti yoo ibsu, "…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which atradition is performed or communicated". Yaada hayyuu kana irraa wanti hubachuu malluu qorannoo afoola tokkoo geggeessuu kan dandeenyuu taatee darbe irraa osoo hintaanee wanta raawwachaa jirru kan bu'uureffatuudha jedhu. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu, walumaa galatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa.

Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawwan kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanumaan walqabatee irreechi yeroo irreeffatamuu raawwiin achi keessatti barbaachisu itti mul'atu, yeroofi iddoon itti irreeffatamu kan itti dhiyaatu ibsuuf yaaxina haalawa fookloorii bu'ureeffachuun qaacceffameera

## 2.3. Sakatta'a BarruuWalfakkii

Qorannoo Jiinanus (2010) mata duree "qabiyyee meeshaalee ulfoo amantii Oromoo, Aanaa Tokkee kuttaayee" irratti xiyyeeffateedha. Qorannoon kun ulaagaa digirii jalqabaa guutachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u. keessattu boqonnaa jalqabaa keessatti Oromoon amantaa isaa keessatti falaasama isaa wantoota isaan calaqqisiisan keessaa meeshaalee ulfoof bakka guddaa qabaachuu isaafi kan Waaqa kadhachuuf oolu ta'uu isaa ibsa. Dabalataan immoo mata duree xiqqaa 'Meeshaalee amantii jedhu jalatti callee, caaccuu, siiqqee,

kallachaafi bokkuun meeshaalee miidhaginaatiin tajaajiluun alatti meeshaa hoodaati jechuun ibseera. Kanaaf, qabxiileen kunneen qorannoo kana waliin wal isaan fakkeessa. Garuu mata dureefi kaayyoo qorannichaatiin garaa garummaa niqabu.

Qorannoon Mulugeetaa (1997) Sirna Gumaa ija waldhabbii hiikuutiin hawaasa Oromoo Aanaa Ada'aa liiban keessatti adeemsifamurratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun Digirii 2ffaa guutachuuf kan gaggeeffameedha. Qorannoon mulugeetaaqabxiilee muraasni yaada qorannoo kanaan wal fakkaatan ka'aniiru kanneen keessaa mataduree xiqqaa "Meeshaalee Sagada irratti dhiyaatan" jedhu jalatti maalummaafi faayidaa bokkuu, kallachaafi caaccuu ni addeessa. Dhimmootni kunneen qorannoo kana keessatti ka'aamanii jiru waan ta'eef qorannoo kana waliin akka walitti dhufeenya horatan taasisa. Garuu mata dureefi kaayyoo qorannichaatiin garaa garummaa ni qabu.

Waraqaa Qorannoo Imaanaakan (2007) mata duree Qaaccessa qabiyyee faaruu amantii duudhaa Oromoo naannoo shawaa irratti qorannoon kun digirii lammaffaa guuttachuuf kan geggeeffameedha. wantoota qorannoo kanaan walitti dhufan muraasa kaaseera. Kanneen keessaa meeshaalee ayyaanaa kan akka callee, caccuu, kallacha bokkuufi k.k.f kaasuun isaa walfakkeessa. Mata duree irraa kaasee garuu qabiyyeen isaa garaa gara.

Qorannoo Biraanuu (2015) Mata duree " Qaaccessa Hiika Mallattoolee Ayyaana Irreechaa Dirree Calalaqii Aanaa Midaa Qanyii." irratti kan dhiyaateedha. Qorannoon kun ulaagaa digirii lammaffaa guutachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, Mataduree " Hiika mallattoolee Ayyaana Irreechaa" jedhu keessatti meeshaalee aadaa kanneen akka callee, caaccuu, siinqee, kallachaa, bokkuun, Alangaa, aadaa uffanna, kanneen kun qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaba. Garuu mata duree, kaayyoofi bakkaan garaa garummaa ni qaba.

Qorannoo Obsan (2010) Mata duree "Xiinxala Sirboota Ayyaana Irreechaa Hora Arsadii'' irratti kan dhiyaate dha. Qorannoon kun ulaagaa digirii tokkoffaa guuttachuuf kan geggeeffameedha. Qorannoo kana wanti walfakkeessuu xiinxala sirbichaati. Garaa garummaan jiru immoo bakkaan, kaayyoofi mata dureedhaani jechuudha.

Qorannoo Almaaz (2009) "Xiinxala kabaja sirna irreechaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Wucaalee" ulaagaa digirii tokkoffaa guuttachuuf kan geggeeffameedha. Sirna irratti xiyyeeffachuun qorannoo kanaan walfakkeessa. Garuu Bakka, kaayyoo, haala adeemsa qorannichaatiin garaa garummaa ni qaba.

Qorannoo Taammiruu (2009) “Qaaccessa qabiyyee fayyadama afaanii faaruu jala bultii eebba sirna raawwii irreecha arfaasaa Odaa Arjoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Jimmaa”ulaagaa digirii tokkoffaa guuttachuuf kan geggeeffameedha. Faaruuwwan sirna sanarratti jedhan fudhachuun kan walfakkaatan yoo ta’uu mata-duree, kaayyoon garaa garummaa niqaba.

Walumaa galatti, qorannoowwan armaan olitti ka’an kun kallattiin osoo hin taane yaadonni xixiqqaan achi jalatti ka’aan mata duree qorataa kanaatiin wal fakkaatu.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

Qorannoon tokko kaayyoo hojjetamuufi mala ittiin qoratamu irratti hundaa'ee amala adda addaa isa taasisu qaba. Dastaa (2002), dabalees NEK (1999) yaada kana kan deeggaru "mostly research is classified depend on the purpose aresearch plane to fulfill."jechuun ibsa. Kanaaf qorannoon yoomessa, amala, odeeffannoofi haala ittiin hojjetamuun wanta adda isa godhu niqabaata. Malli qorannoo haala itti odeeffannoon madda isaarraa guuramuu kaasee hanga odeeffannichi qaacca'ee hiikni itti kennamutti malleen fayyadamnuudha. Kunis kan mul'atu madda odeeffannoo ofii beekuu, iddattoo filachuu, malawwan odeeffannoon ittiin funaanaman murteeffachuu, odeeffannoo qindeessuufi qaaccessuurratti. Kanaaf saxaxa qorannoo Addunyaan (2011;63) yoo ibsuu waliigala qorannichaa kan to'atu ta'ee maal akka fakkaatuufi maal irratti akka bu'uureffate agarsiisa.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa sirna raawwii ayyaana irreechaa keessatti argaman qaaccessuu waan ta'eef ibsa qorannoo akkamtaa fayyadame. Sababni isaa V. Kahn,W. Best (2005:279) irratti yoo ibsan "……that anon quantative research for explanation would be fruit ful in the study of human development" haaluma kanaan qorannon kun falaasamaafi aadaa uummatichaa waliin waan walqabatuuf mala akkamtaan ibsamee jira. Akkasumas, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu lakkoofsaan osoo hin taane ibsaan hiika kan argatu waan ta'eefidha. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu gadi fageenyaan ragaan deeggeramee kan xiinxalamu waan ta'eefidha. Addunyaa (2011:12) yaada kana yoo cimsu, "Ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan'akkam? maaliif?'jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati" jedha.

Yaada kanarraa wanti hubachuu malluu qorannoon akkamtaa gadi fageenyaan gaaffiiwwan deebii barbaadan xiinxaluurratti humna akka qabuufi gama amanuufi hubannoo bal'suufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna qorataanis mala kana dhimma ba'ee jira.

## 3.1. Madda Ragaa

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa keessatti qorataan fayyadame madda odeeffannoo sadarkaa tokkoffaadha. Sababni isaas bakka odeeffannoo sana qaamaan deemuun qaama dhimmi ilaallatuufi raga kennuuf hubannoo qaban irraa kan fudhatameedha. Akkasumas

waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa sabbataa Awaas keessaa qaama dhimmichi ilaallatu gaafatamanii jiru. Jarreen kunis ammoo dhimmichaaf odeeffannoo kennuu irratti akka madda tokkoffaatti ilaalamu jechuudha.

### 3.2. Iddattoo

Iddattoo jechuun namoota qorannoo sanaaf filataman jechuudha. Sababni iddattoo filachuun barbaachiseef yoo iddattoon eeggannoodhaan filatamee ragaan iddoo sana irraa argamuu akka gaariitti jamaa sana hunda bakka bu'uu danda'aa. Jamaa hundarraa odeeffannoo funaanuun maallaqa, yeroo, humnaafi qabeenya qisaasessa. Iddatteessuun tooftaa garaagaraa haaqabaatu malee qorataan mala iddatteessuu akkayyaa (purposive sampling) fayyadamuun namoota sirna raawwii irreechaa beekan Abbootii Gadaa dhiira 5, haadha siiqqee 1, fudhachuun maanguddootaa jaarsa biyyaa dhiira 4, dubara1, hojjettoota mootummaa dhiira 5, dargaggoowwan dhiiraa 3, walii gala namoota 19 filachuun mala afgaaffiifi marii gareetti fayyadamuun qorannicha adeemsiseera.

Flick (2002:61) yoo ibsuu,

> *The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)…Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).*

yaada kanaarraa wanti hubannuu qorannoon tokko yommuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka sadiitti itti gargaarama. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'aantu filatama, Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti fayyadamama. Ragaan qaacceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamuudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Namoota Aanaa qorannoon keessatti geggeeffame sana keessa jiraatan mararraa odeeffannoo funaanuufi qaaccessuun sababa hanqina yeroofi humna qorataatiin ol waan ta'eef qorataan qorannoo kana keessatti iddattoo fayyadame jira.

### 3.3. Irraawwatama Qorannoo

Irraawwatamni qaama yookiin wanta qorannoon tokko irratti geggeeffamuudha. Addunyaan (2011;64) "qorannoon tokko irraawwatama qaba kunis namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti geggeeffamu" jechuun ibsee jira. Irraawwatamni qorannoo kanaa sirna raawwii ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree qaaccessuu kan jedhu bu'uureffatee geggeeffamee jira.

### 3.4. Tooftaa Funaansa Ragaalee

Tooftaa funaansa ragaalee ilaalchisee Solomon (2004) fi Goldstein (1964) ibsanitti, daawwii, afgaaffii, ragaalee barreeffama adda addaa sakatta'uufi marii gareetiin ragaa funaanuun qorannoo geggeessuun nidanda'ama. Qorataan qorannoo qulqulleeffataa fayyadamus haala adda addaatiin waan ilaaluuf malawwan ragaaleen ittiin funaanaman muraasatti dhimma ba'uu danda'a. Haaluma kanaan odeeffannoon afgaaffii, daawwiifi marii gareen kallattii dhumaan hawaasa keessaa funaanamaniiru. Sanaan booda, odeeffannoo argame gadi fageenyaan qaacceffamee dhihaateera. Qoratichi namoota dhimma sana ni beeku jedhee yaadeefi odeeffannoo qabuu itti dhiheenyaan beekan ofiin murteessee kan filate ta'uu isaas ibse.

#### 3.4.1. Daawwannaa

Qorannoon kun akka gabbatu taasisuudhaaf ragaalee funaanuu keessatti meeshaalee qorannaa kan qoratichi funaansa ragaaleetiif daawwannaa filateef guyyaa hawwaasni aanichaa walfaana ayyaana kana ayyaaneffatu meeshaalee inni gargaaramu qaamaan daawwachuudhaan ragaalee walitti qabachuun qoranicha irra caalaa bu'a qabeessa taasisa jedhee waan yaadeef akkasumaas rakkoon jiru waan ijaan argamuuf amanamummaa qabaata. Kana malees odeeffannoo afgaaffiin bira gahuu hin dandeenye argachuuf qoraticha waan gargaaruufi. Kanuma kan deeggaruu Dastaa (2013;118) "……akkaataa itti dalagan hawaasa sochii isaaniifi kan kana fakkaatan ilaalaniifi dhaggeeffatan galmeeffachuuf nama fayyada."jechuun ibsa. Dabalees yaaduma kana Addunyaan (2011;10) akka kanatti cimsa "qorattootni haala jiruufi jireenya hawaasaa irrattii geggeessuu barbaadan odeeffannoo kan argatan waan daawwatan, mari'atan, argan, dhaga'aan, haala naannoo jiruufi jireenya hawaasichaa ilaalchisee waan dubbisaniifi kan kana fakkaatan irratti" jechuun ibsa. Qabxiin

xiyyeeffannaa yeroo daawwannaa qorataan haala hirmaattota sirna raawwii irreeffannaa geggeessan uffannaa, meeshaa qabatan, wanta afaaniin jedhan, gocha isaanii duraa duubaan qorataan Fulbaana19, 2011 daawwannaa irratti adeemsiseera. Ayyaanni kun kan irreeffatamu waggaatti si'uma tokko yoo ta'u, daawwaannaan kunis kan taasifame guyyaa dhuma sana moobaayilafi, kaameraa gargaaramuu dhaan suurri addaa addaa waraabameera.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Afgaaffiin tooftaalee odeeffannoo ittiin sassaabbatan keessaa isa tokkoodha. Mala kana fayyadamuuf odeef kennitoota waliin fuulaa fuulatti wal arguun kan dalagamuudha. Yaada kana kan deeggaruu MOE (1999) yoo ibsuu

> *The purpose of interviewing is to find out what is in on or on some one else's mind. It allow onterviewer to do more things to improve the quality of the information required than other method.It also enable to secure depth and detail information. Interviwer is one of the most popular techniques to meetdivers situation (flexibility) and it also provide opportunity to understand non verbal behavior identity of respondent and allows for greater depth.*

As irraa wanti hubannuu yaada jechaan hin ibsamne afgaaffin hubachuun akka nama gargaaru ibsa. kanaaf qorataan mala kana filatee jira.kunis guyyaa raawwannaa sirna sanaa akkasumas guuyyaa sirna kanaan alaa namoota garaagaraa waliin afgaaffiin adeemsifamee ture. Mala kana fayyadamuuf qoratichi dursee namoota dhimmi kun ilaallatuuf qoratichi eenyummaafi kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa funaannateera. Odeeffannoo funaanuuf qorataan jalqaba gaaffilee qorannoo isaatiif deebii naaf argu jedhee yaade walii gala gaaffilee 16 qopheessuun abbootii Gadaadhiira 5, haadha siiqqee 1, Hojjettoota mootummaa dhiira 5, Maanguddoota ykn jaarsa biyyaa dhiira 4fi dubara 1, walii gala namoota 16 fi afgaaffin taasifamee ture. Gaaffileen qopha'aan kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu isaanii keessa deebi'ee mirkaneeffatee Odeeffannoon haala kanaan funaanames yeroo isaan deebiikennan kaameraan waraabame. Haaluma kanaan, odeeffanno argame qulqulleeffachuuf yaadota isaan kaasan yaadannoo qabachuun qaacceffamee odeeffannoo irraa argame waliin walbira qabuun ittiin ibsa godhe.

### 3.4.3. Marii Garee

Tooftaalee odeeffannoo ittiin sassaabbannu keessaa mariin garee isa tokkodha. Qorataan Dargaggoota guyyaa sana bakka irreeffannaa deeman bakka tokkotti walitti qabee qorannoo kana naaf gabbisu jedhee kan yaade gaaffilee shan qopheeffachuun dhiira sadii (3) waliin mare garee taasisee jira.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Dhugaa hawwaasa tokko keessa jiru bira ga'uu dhaaf mala raga ittiin funaannu addaa addaa Qorannoo kana geggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa niargamsiisu jedhee filate moobaayilaafi, kaameraatti dhimma ba'eera. Sababni isaa V.Kahnfi W.Best (2005;300) "observers use aproprate instrument like photo camera,video record,and other to systematize quantify preserve the result of their observation"jedhu. yaaduma kana bu'uura godhachuun qorataan qaamaan iddoo sirni ayyaana irreechaa itti raawwatu deemuun jechaafi gocha isaanii akka jirutti raga suuraafi sagalee haala qabatamaan fudhatamee jira.

## 3.6. Naamusa Qorannoo

Hojiin qorannoo adeemsifamuu bifa seera qabeessaafi naamusa hawaasaa eegeen raawwachuu qaba. Fakkeenyaaf yeroo qorannoo kanaaf afgaaffifi daawwannaan dirree geggeeffame bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen mirga isaanii kabajee akkasumas yeroo suuraa eeyyama gaafachuun fedha isaaniitiin suurri fudhatamee jira. Dabalees waraabbii sagalee irratti fedhii isaaniitiin odeeffannoo qabatamaa barbaadamu waraabamee jira. Bifa naamusa qabuun haala olitti ibsameen qorannoo adeemsisuun adeemsa sirrii ta'uu isaa kan nuuf mirkaneessuudha. yaada V.Kahnfi W.Best (2005;347) dhiyeessaniidha. "psychologist accord aproprate respect to the fundamental right, dignity and worth of all people the aware of culture. individual, and role difference including those due to age, gender, race, ethinicity ,national origin, sexual orientation, disability language and socio economic status" jechuun qorannoon dhuunfaa kaasee hanga gareetti adeemsifamu duudhaafi safuu namootaa eegee akka raawwatamuu qabu ibsaniiru. Qorannoon kunis haaluma kanaan kan adeemsifameedha.

### 3.7. Amala Qorannoo

Qorannoon kun waa’ee sirna raawwii ayyaana irreechaa qorachuun karaa biraa duudhaa, safuufi falaasama hawaasa Oromoo qorachuu waan ta’eef qorannoo kanaan qorannoo sanyabsaa (ethinographic research) jechuun ni danda’aama. Addunyaan (2011:33) Riemer (2008:1) wabeeffachuun akkana jedha. “ethinography is asystematic study of particular cultural group or phenomenon based on extensive field work in one or selective localities” jechuun ibsa. Dabalataan Mulugeetaan (2014) Wood (2006;70) wabeeffachuun yoo kaa’uu “Ethinography refers to the description and interpretation in depth the study of cultures that include behavior interaction language and art facts also”jechuun waa’ee qorannoo sanyabsaa ibsu. Yaada kana irraa wanti hubannuu qorannoon sanyabsaa waa’ee dhimma qorannoo aadaa hawaasa tokkoo afaaniifi ogummaa garaa garaa qorachuun barbaachisaa akka ta’e ibsa.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalattii ragaalee qorataan dhimma qorannoo isaan walqabsiisee funaannate kan qaacceffameedha.

## 4.1. Irreecha

Seenaa Oromoo keessatti Irreechi iddoo guddaa qaba. Irreecha jechuun marga (coqorsa), maqaa galata waaqaatiif bakka murtaa'e tokko kaa'uudha.Waaqa nagaa namaa kenne, waaqa marga kana magarse, waaqa biqiloota kana daraarse, waaqa roobee malkaa guutee lafa jiise mallattoo fuulduratti jiruuf abdii kennaa jiru galateeffachuuf kennaan jiidhaa fi magariisaa kan yeroo biraatiifi arfaasaa dhiyaatuudha. Sababni ayyaanni irreechaa waqtii adda addaa ta'ee birraan yeroo lalisaa, magariisaa, daraaraa, abdii, ifaafi kan kana fakkaatan waan ta'eef. Arfaasaa immoo duumessi, roobnii fi jiidhi ummata Oromoo birratti wantoota araarri waaqaa waliin dhufa jedhanii amanamaniidha. Yoo dumessi guyyaa ayyaana wagga jiraate akka milkii gaariitti, akka araara waaqaatti ilaalama. Sababnisaas duumessi jiidha roobaa baatee waan adeemuufidha. Irreechi akkuma bakkeewwan adda addaa jiruu yeroo adda addaa kan kabajamuudha. Isaan keessaa xiyyeeffannoon qorataa irreecha birraa kan Awaash Malkaa Qunxurreetti kabajamuudha.

### 4.1.1. Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree

Irreechawwan yeroo adda addaafi bakkeewwan adda addaatti geggeeffaman keessaa irreechi Awaash Malkaa Qunxurree ishee tokkodha. Seenaa moggaasa Awaash Malkaa Qunxurreen walqabatee daldaltootni Oromoo Sidaamoofi finfinnee gidduu dhimma daldalaan walqabsiisanii yeroo deemaa turan mijuu qabatanii deeman mataa isaa irra qunxuruun itti irreeffataa kan turaniidha. Sanuma irraa ka'uun maqaa kana kan argatte ta'uu isaati. Uummatni Aanaa Sabbataa Awaasiifi naannawaa ishee jiraatan gamtaadhaan tibba birraa abaaboofi coqorsa qabatanii malkaatti ba'uudhaan waaqa kadhatu. Haalli kadhannaa isaaniis waaqa booruu gannaa dukkana gannaa nuu baaftee, roobdee kan sanyii biqilchite, dachee magariisaafi booqaa kan goote, ifatti nu baastee sa'aa namaa nagaa nuuf kennitee, nuquubsitee galanni si haa ga'uu jechuun galateeffatu. Wanta gara fuula duraatti ta'uuf immoo akkas jechuun uumaa kadhatu namaa sinbira waliin nu soori, bara quufaa gabbina, nagaaf hawwii keenya itti nuuf guuti jedhanii waaqa kadhatu. Tibba birraa kana abaaboo

qabatanii gara malkaa deemuun hiika mataa isaa qaba. Abaaboon daraaraa waan ta'eef gara fuula duraatti firii godhachuuf abdii qaba. Abdii Keessoo isaanii gara fuula duraa abaaboo kanaan ibsatu. Ganna bacaqii keessa ba'aanii booka birraa walitti dhufuun gamtaan walta'aanii malkaa deemuun uumaa galateeffatu.

Marii qophii dursaa sirna kabaja ayyaana Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree kan bara 2011n walqabatee Abbootiin Gadaa waltajjii qabachuudhaan hawaasni kam iyyuu karaa naga qabeessa ta'een akka ayyaana kana kabajatuuf haaldureewwan mijachuu qaban yeroo itti qindeessaniidha. "Irrecha baroottan darban kabajaa turre rifaasuudhaafi sodaa guddaa, akka nama badii dalageetti polisiin eegamaa kabajaa turre amma garuu kun nurraa hafee waan jiruuf foolleef dabballeen keenya walta'aanii nageenyaa guyyaa sirna kanaa eeguun sodaafi shakkii tokko malee rabbi keenya kadhannee irreeffannee nageenyaan baanee nageenyaan galuu qabna."Odeef kennaa Obbo Guutaa Iddechaa (16/1/0211). Qophii dursaa kabaja ayyaana irreechaan kan walqabatee hunduu ga'ee isaa ba'uun nageenya keenya mirkaneessuufi sagantaa kana milkeessuu qabna yaada jedhu ibsuu isaati.

**Suura 3: Abbootii Gadaa Marii Qophichaaf (Guyyaa 16/1/2011) argaman**



Madda:(Fulbaana 16, 2011) Qorataan kan kaafame

Adeemsa qophii sirna raawwannaa kabaja ayyaana irreechaa Awaash Malkaa Qunxurreen walqabatee Abbootiin Gadaa Aanaa Sabbataa Awaasiifi Aanaa Qarsaa Maallimaa walta'uudhaan akkaataa adeemsa sagantichaa, guyyaa sagantichi itti geggeeffamuufi, haala nageenya guyyaa sanaan walqabatee foolleef dabballeen akka eegsisaniif haaldureewwan qophii sanaan dura geggeeffamu kan mari'ataniidha.

Odeefkennaa Obbo Rattaa Naggasaa (Guyyaa 19/1/2011) Irreechi akka aadaa Oromootti kabaja guddaa qaba. Haala irreeffannaan walqabatee kan geggeeffamu waggaatti yeroo lama. Kan tulluu tibba arfaasaan dhufuuf jedhu waaqa tulluu sana uumetti irreeffachuun waaqa araara gaafachuu agarsiisa kan amma irreeffachaa jirru kun immoo irreecha malkaa ta'ee dhadhaqii "gannaa kana waaqa nagaan nu baasee bookaa birraatti nu ceesiseef" galata kennuudha. Kanumatti dabaluunis hawaasa waliin jiraatu gidduutti dhimmoota garaa garaaf irreechatti dhimma baana. Fakkeenyaaf abbaan yoo ilma fuusifachuu barbaadee irreechaan warra intalaa bira deemuun kadhatamaaf kun immoo kan ibsuu gaayilichii kan milkii akka ta'uu mul'isa, Yeroo sirna tokko irratti eebbi geggeeffamus irrecha qabachuun sirni eebbaa sun geggeeffama, yoo namni walitti bu'e yookiin wal lole irreeha qabachuun jara sana jaarsoliin walitti fidanii araarsu jechuun ibsa.
Yaada kana irraa wanti hubachuu malluu Uummata naannoo kanaa biratti irreessi kabajaafi iddoo guddaa akka qabu akka seeraatti murtiin kan ittiin kennamu akkaataa aadaatiin abbaa dhimmi sun ilaallatuutti marga kutanii kennu yoo kan didu ta'ee aadaa Oromoo yookiin safuu Oromoo cabsuu isaati. Adeemsa jiruufi jireenya keessatti jaalalli, hariiroo cimaan akkuma jiru darbee darbee mudannooniifi walitti bu'iinsi jiraachuu mala kanaaf akka seeraatti ittiin murtii kennuufis ta'e jireenya hawaasaa ittiin ijaaruuf irreechi ulfina qabaatee kan tajaajilu ta'uusaa ibsa. Akkasumas, Malkaa yeroo bu'anis ittiin waaqa uumaa kadhachuuf maayii kan itti ba'aniidha. Akka qorataan daawwatetti raawwiin sirna kanaa kutaalee sadii qaba. Isaanis:

**Raawwii sirna irreecha Duraa** Hirmaatotni ayyaanichaa wantoota sirna kanaaf barbaachisan kanneen akka huccuu sirna kanaaf barbaachisu miiccachuun, kan maallaqa qabu immoo bitachuufi meeshaalee ulfoo amantii sirnicha irratti barbaachisan kanneen akka irreechaa eessaa akka argatan adda baafachuun qopho'oo ta'uu isaanii agarsiisa. Odeefkennaa Firoomsaa Kumsaa (Guyyaa 26/6/2011) jala bultii ayyaana irreechaan

walqabatee abbaan malkaa sirna kana keessatti kan malkaa saaquufi eebbisuudha. Sirna kana keessatti ga'ee cimaa waan qabuuf cubbuu hojjechuu, sobuu, hatuu, nama hamachuufi waan badaa hojjechuu irraa baay'ee cimsee of eeggata jechuun ibsa. Yaada kana irraa wanti hubannuu Sirna kana keessatti abbaan malkaa humna cimaa kan qabu ta'ee aadaafi safuu amantii keenyaa eeggachuuf i eegsisuuf wantoota raawwatamuu hin qabneefi yaada waaqaan wal hin arganne gochuu dhiisuun kabaja sirna sanaaf bu'uura ta'uu isaa ibsa.

**Raawwii (yeroo) sirni itti geggeeffamu** Erga gara malkaa hirmaattotni hunduu tartiiba isaanii qabatanii deemanii achi ga'aanii akkaataa gosa Oromoo naannoo sanaatiin angafaafi quxisuun wal waamanii eebbisu. Abbootiin Gadaafi Abbaan Malkaa erga eebba taasisanii yaadaafi dhaamsa gabaabaa taasisuun erga xumuranii Abbaan Malkaa sirna irreeffannaa saaquun hunduu dabareen kan irreeffatuudha.

**Raawwii Irreechaan Booda** Erga sirni irreeffannaa xumureen booda hirmaattotni sirna ayyaanichaa bakka fedhii isaanii kan deemaniidha. Hordoftootni amantaa Waaqeffataa hordofan walga'aanii geengoo uumuudhaan ta'aanii kan jeekkaraniidha. Raawwiiwwan kunneenis akka armaan gadiittii qaacceffamaniiru.

### 4.1.1.1. Sirnoota Guyyaa Sana Raawwataman

Kabaji Sirna raawwii hawaasa tokkoo amantiifi aadaa ofii kan ittiin mirkaneeffamuudha. Akka qorataan sirna kana irratti argamee daawwatettii Sirnootni raawwataman kunneenis hiikaafi ergaa mataa isaanii kan qabaniidha.Wanta daawwate kanas meeshaalee adda addaa fayyadamuun akkaataa itti aanutti walduraa duubaan qindeessee kaa'ee jira. Sirnootni guyyaa sana raawwataman keessaa kanneen faaruu (faarfannaa), eebba, tartiiba deemsaa, malkaatti ba'uu, irreeffannaa, yommuu ta'aan sirnoota kana kan miidheksan uffata aadaa, sirbooti aadaa adda dalagamaniiru. Namootni Aanaa Qarsaa Maallimaas uffata aadaa isaaniitiin faayamanii meeshaalee aadaa isaanii ibsu qabatanii ayyaana kana kabajataniiru. Akkaataa dhuma angafaaf quxisuun eebba irraa jalqabee hanga sagantaan sun xumuramutti dabaree waliif kennuun jaalalaan walitti dhufanii kan sirna irreeffannaa geggeessaniidha. Akka aadaa isaaniitti osoo hin irreeffatin laga walitti hin ce'an erga sirni kun geggeeffamee walitti ce'uu nidanda'u. Sababni inni ijoon bara baraan irreecha guddicha hora harsadii dura irreeffatanis Malkaan ulfina qaba waan ta'eef Malkaa qaxxaamuruun hin danda'aamu yaada jedhu dhugoomsuudhaafi jechuudha. Sirnootni raawwataman kunneen:

#### 4.1.1.1.1. Faaruu

Faaruun bakka Malkaa deemanii ittiin waaqa galateeffataniidha.Yeroo kanas faaruu adda addaa ergaa kabajaafi galata waaqaa argachuun agarsiisan ergaa misoomaa, nageenyaa, jaalalaa, badhaadhinaa, tokkummaa, guddina, naamusaalee, amalaafi.k..k.fn walqabsiisanii faarfachuun sirna ayyaaneeffannaa kabaju. Sirna ayyaana irreechaa kanarratti Abbootiin Gadaa, haati siiqqee, qeerroofi qarreen walta'uun faaruu garaa garaa faarsaa gara malkaa deemaniidha. Faaruun yeroo irreechaa, faarfataa deemaan irra caalaan, mareeyyoo mareeyyoo yoo ta'u Gabbisayyoonis ni jedhama.

**Mareeyoo**

Mareeyoon faaruu namni tokko dhahaa kaawwaan immoo huursanii jalaa qabaa gamtaan faarfataniidha.

Hiikaan faaruu kanaas maree maree ayyaana waggaa ittin nu gahe jechuudha. Marsaa waggaa tokko marsee yookiin deebi'ee milkiidhaan dhufuunsaa kan ittin mul'isanidha.

Faaruun mareeyyoo abdi fuula duraatiifis marii ittin nu gahi yaada jedhu of keessaa qaba.

fakkeenyaaf;

kan buusuu; Hoo yaa mareeyoo!
kan jalaa qabus; hoo yaa mareeyoo jedhee jalaa qaba
kan buusu; mare hoo
kan jalaa qabus; mareeyoo
kan buusu; yaa waaq malkaa uumtee yaa mareeyoo
kan jalaa qabuu; hooyaamareeyoo jechaa haaluma kanaan itti fufu
Hoo yaa marehoo yaayyoleehoo
Hoo yaa mareehoo yaayyoleehoo
Irrechi harka qabaa yaa mareeyoo
alaa manaa nuuf toli yaa ayyoleeyoo
yaa waaq nutti araaramii yaa mareeyoo

Buufata kana keessatti sagalee jajannaa guyyaa ayyaana kanaa jechaa deeman agarsiisa ayyaaneffannaa gaarii milkiifi oofkaltii ittiin dhiyaataniidha. Ayyaana maaramis waamuu ni agarsiisa. Akkasumas, kennaa qabannee si kadhanneerraa eebba nuuf kenni balleessaa keenya immoo nuuf dhiisi yaada jedhu ibsa.

Irreecha dura obaa yaa mareeyoo
Sumaafan badii oole yaa mareeyoo
yaa waaq odaa nabee yaa mareeyoo
Abbaa malkaa dhageesse sin waama yaa mareeyoo
Abbaa bokkuu dhageesse si waama yaa mareeyoo

Buufata kana keessatti waaqa odaa nabee uume uumaan wantoota dinqisiisaafi muka kabajamaa kana uumetu badii na oolchee kan jedhuudha. Dabalataanis abbaa malkaafi abbaan bokkuu sirna ayyaaneffannaa kana keessatti ga'ee qabu kan dura eebbisuufi akka irreeffataniifis malkaa kan saaqu isaan waan ta'eef isaaniin leellisu.

yaa waaq uumaa uumtee
yaa waaq dachee uumtee
yaawaaq tulluu uumtee yaa mareeyoo
yaa waaq birraa uumtee yaa mareeyoo
maree fardi hin dalagu yaa mareeyoo

Buufata kana keessatti waaqni waan hunda gochuuf dandeettii kan qabuu uumama inni uume kana ilaalanii dinqisiifachuu ykn ajaa'ibsiifachuu agarsiisa.

marga qabannee si kadhanna
malkaa buunee si kadhanna
jiidha qabannee si kadhanna
irreechi irree keenya
yaa ayyoleehoo

Buufata kana keessatti marga qabannee si kadhanna jedha margi mallattoo araaraa waaqaa waanta'eef hafuurri waaqayyoo fayisaa ta'uu isaafi waaqni rakkoolee kan akka dhabuufi rakkoolee biroo nama quunnamaniifi fala kennuufi dandeettii guutuu qabaachuu isaafi uumaan hundi furmaata rakkoolee waaqa irraa barbaadaniif fala argachuu akka danda'aan agarsiisa.

Sirraa dhabnee beeknu yaa mareehoo
Alaa manaa nuuf toli yaa mareehoo
mee nutti araarami
yaa ayyoleeyooo
Hooyaa mareehoo

Buufata kana keessatti wanta kadhatan hunda akka argatan ibsa. Akkasumas abdii gara fuula duraas akkasuma akka tolchuuf adaraa kennachaa jiraachuu isaanii agarsiisa.

Faaruun armaan olii kun Guyyaa (19/1/2011) hawaasa irreeffannaa deeman irraa kan fudhatameedha. Ergaan isaa walii galaas mararfannoo waaqaa kan ibsuudha. Uummanni faaruu kana wal harkaa fuudhuudhaan faarsaa gara Awaash Malkaa Qunxurree kan deemaniidha. Faaruun kunis kabaja waaqaa galata galfachuu isaanii ibsa.

**Suura 4: hawaasi yeroo isaan faaruun gara malkaa deemaan kan agarsiisu**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame.

Abbootiin uffata aadaa adii guutuun faayaamanii, alangee, bokkuufi marga jiidha fiixeen hin citin qabatanii gara irreechatti qajeelan haadhooliinis akkuma abbooti uffata aadaan faayaamuun siiqqee, caallee, caaccuu fi marga jiidhaa qabatanii hirmaatan. Qeerroo fi qarreenis  akkasumaa uffata aadaan faayaamanii sirboota aadaa adda addaa farfaachaa abbootii fi haadhoolii ajjabuun haalaa miidhagaa ta'een gara malkaa deeman.

**Gabbisayyoo**

Faaruu kana guyyaa sirna irreechaa yommuu malkaa gara manaatti galan faarfama. Hordoftootni Ayyaana Irreechaa Awaash Malkaa Qunxurree yommuu sirni irreeffannaa

raawwatu gara mana isaaniitti faruu ‘gabbisayyoo’ faarfatu. Marii garee qorataa waliin (Guyyaa 19/1/2011) irratti hiika gabbisayyoo akkanaan kennan‘Gabbisayyoo’ jechuun gabbanne yookiin milkoofnee, nagaan gara manaatti deebine ergaa jedhu of keessaa qaba. Faaruu kana namni tokko ni faarsa uummatni iddoo addaa addaati walitti dhufan waljalaa qabuun uursanii faarfachaa deemu.

Faaruu kana si’a faarsan namni tokko yoo irra buusu kan biroon immoo jalaa qabu. walaloon isaatis mana ni rukuta.

A. Gabbisayyoo hoo…hoo…hayee roobee roobee haroo dimbiliqse.
B. Kan jalaa qabus gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqsee
A. Waaq ati nuu na’ii hoo
hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse
B. Hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse
A. Roobii lafa nuuf ga’i hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse
B. Gabbisayyoohoo hayyee roobee
roobee haroo dimbiliqse

Buufata kanarraa kan hubannuu Gaaleen gabbisayyoo jedhuu quufa, misoomaafi dinagdeen waaqni gabbina kennuu isaa ibsa. Akkasumas garaa nuuf laafiiti yeroo barbaannutti rooba gaarii nuuf kenni kan jedhu ibsa.

5. A. Roobee lafa nuu gahee hoo
Yaa waaq situ nuu nahee hoo
Hayee roobee roobee haroo gimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo ayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Buufatni kun galateeffannaa ibsa gochaa isaa ilaalanii rooba gaarii argatanii galata kee kan jedhu ibsa.

10. A. Odaan nabee dalga looyee hoo
Karraaf ilmoon sitti booyee hoo
Hayee roobee roobee haroo dimbiliqse
Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse
B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Buufatni kun kadhaa agarsiisa Odaan aadaa oromoo keessatti kabaja guddaa qaba waan ta'eef waaqa odaa kana uumtee yaa uuma si kadhannaa nuuf birmadhu kan jedhu ibsa.

15. A. Odaa nabee yaa kurfootoo
Odaa roobaa yaa ulfootoo
Odaa bultum yaa ulfootoo
Odaa bulluuq yaa ulfootoo
Odaa bisil yaa ulfootoo
Hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Odaalee shanan duudhaa oromoo keessatti beekamaafi kabajamaa ta'e kana maqaa waamuun akka inni kabaja qabu agarsiisa. Odaan galma uummata Oromooti.

20. A. Odaan qaccee dalga ciisee hoo
Karraaf ilmoo sittan dhiise hoo
Hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse
Gabbisayyoo hoo hayyee roobee
roobee haroo dimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Buufatni kun adaraa waaqatti kennachuu agarsiisa. Hunduu harka kee jira waan fedhakee nuuf raawwadhu kan jedhu ibsa.

25. A. Bara Gadaa seerri gadaa <u>seerri ilmoorra marara x2</u>
Birmajjeen korma duuffisee
Moora kormaa meeqan dubbise
Bara Gadaa seerri ilmoorra marara
Hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Yaadni kun kan ibsuu Gadaan sirna ittiin bulmaata duudhaa oromoo waan ta'eef Gadaa keenya leellifanna, guddifanna, kunuunfanna kan jedhuufi olaantummaa seeraa agarsiisa.

30. A . Roobee magarsee qaxxisaan latee hoo

Roobee gabbisee falfalaan bade hoo

Aadaan hoodaa kallachi hoodaa waaq lafaahoo.

Oromoon waaqaan dubbataa hoo

Odaan hooda kallachi hooda booranaa hoo

Dambalii birbirsi latee hoo

Roobee falfalaan badee hoo

Hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Ergaan buufata kanaa oromoon kadhatee waaqarraa hin dhabuu falfalaa jireenya namaa kan hin jaallanne waaqni balleessee nu magarsee nu dagaagse, nu misoomse kan jedhu ibsa.

35. A. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

A. Irreessa irree keenya hoo

Irreessa irreeffanna hoo

Irreessi duudhaa oromoo hoo

Amantii oromtichaa hoo

Isa kale kaleessaa hoo

Isa abboota keenyaa hoo

Hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Ergaan buufata kanaa duudhaawwan jiran keessaa irrecha leellifachuu agarsiisa.

40. A. Odaan hoodaa birbirsi hooda booranaahoo.

Odaa nabee yaa kurfaakoo hoo

Gadaa aabboo yaa ulfaakoo hoo

Hayyee roobee roobee roobee haroo dimbiliqsee

B. Gabbisayyoo hoo hayyee roobee roobee haroo dimbiliqse

Odaan hooda jechuun odaan kadhanna yeroo itti badhaadhinnifi nageenyi baay'atu nuuf taasisi kan jedhu ibsa,Odi karaa biraas safuu agarsiisa.

Madda: Hawaasa Guyyaa (19/1/2011) irreecha deeman. ‘Gabbisayyoo hoo…hoo hayee roobee haroo dimbiliqse’ waaqni gannaa roobee haroo guutee jira roobni waaqni nuuf roobse kun quufa, misooma, badhaadhina, dinagdeefi hormaata, kan sifaa kan jireenyaaf namaa ta’u agarsiisa. roobee magarse, loon badhaadhamuu isaa agarsiisa. margis tolee daddaraaree, marga birraa tibba masqala barii horii dheechisaniidha. Walumaagala faaruun gabbisayyoo ergaa gabbanne, badhaane, jechuun galata galchuu agarsiisa.

Faaruuwwan olitti kaafaman kunneen ergaan yookiin dhaamsi isaa walii gala hirmaattotni sirna kanaa kennaa Uumaan kenneef margaafi daraaraa harkatti qabatanii jireenya dabarsaniif galata jechuun, kan fuula duraa immoo adaraa kennatu. Kadhaa kana keessa ergaa baay’eetu jira. Nageenya akka argatan, dinagdeen akka guddatan, duudhaa akka kunuunfatan ofkeessaa ni qaba. Fakkeenyaaf “bara Gadaa seerri ilmoo irra marara” kan jedhu sirna ittiin bulmaata Gadaa ibsa. Kana jechuun immoo Oromoon seeraafi heera ittiin bulmaata mataa isaa Gadaa qabaachuu ibsa. Akkasumas, kennaa Uumaan hiikoofi faayidaa mataa isaa danda’e ni qaba. Fakkeenyaaf, ‘Odaa Nabee yaa ulfooto’ Odaan Uummata Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. galma kadhannaati, galma araaraati, galma eebbaati. Kanuma irraa ka’uun hirmaattotni sirna kanaa uumama dachee kana irra jirutti yeedaloo baasuun fayyadamu jechuudha.

**4.1.1.1.2. Tartiiba Deemsaa**

Nama jechuun kan yaadu, aadaafi seera uummata waliin jiraatu kan kabajuudha. Hirmaattotni sirna kanaa aadaafi seera hawaasaa miidheksuuf Irreeffannaaf gara Awaash Malkaa Qunxurre si’a deeman walduraa duubaan bifa safuuf duudhaa isaanii eeggateen kan deemaniidha. Jalqaba garee shamarranii, abbootii Gadaafi haadha siiqqee,itti aansee foolleefi qarreen naanna’aanii sirbuun, warri fardaa farda isaanii gulufsiisuun sirna kana kabajuuttii kan bobbaa’aniidha. Fulbaana19, 2011 Daawwannaadhaan kan fudhatame.

**Garee Shamarranii :** Guyyaa ayyaana irreechaa kana shamarraniif mirga guddaatu kennama abbootii gadaa dursanii akka deemaniifis ni ayyamamaaf "Dubartii duudaan seera Gadaa keessatti mallattoo araaraati. Gumaa baasuuf igzootaa yoo deeman durba duudaa qabatanii dhaqu"caalaa (2013:73) yaada kanarraa wanti hubannuu Seera Gadaa keessatti durbi duudaan ilaalcha gaarii qabachuu isheef akka aadaattis kabaja olaanaa qabaachuu ishee ibsa.

**Suura 5: Garee Shamarranii**




Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Sirna irreechaa kana keessatti haadha siiqqee dabalate shamarran lakkoofsaan hedduun argamuu isaaniiti. Kun immoo kan ibsuu sirna kana irratti shamarran akkuma dhiiraa ayyaana kana ayyaneffachuun aadaa isaanii, eenyummaa isaaniifi kabaja guddaa sirna kanarratti qabaachuu isaanii agarsiisa. Ga'ee isaan sirna kana keessatti taphatanis faaruu waaqa jajjannaa jechuun, sirna irreeffannaa geggeeffachuun, jeekkarsas warruma dhiiraa waliin waljalaa qabuun aadaafi safuu isaaniif bakka kennuun uffata aadaan faayamanii sirna kanarratti kan argamaniidha

**Garee Abbootii Gadaa, Haadha siiqqeef Maanguddoota:** Abbootii Gadaafi haadha siiqqeef maanguddoota biyyaa ulfaatoo ta’aan dura buu’uudhaan mareehoo jechaa safuuf duudhaa isaanii eeggatanii adeemanii jiru.

**Suura 6: Abbootiin Gadaa Tartiiba Deemsaan Gara Malkaa Yeroo Deeman**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Qorataan kan kaafame. Akka aadaa Oromootti Jaarsaafi hangafa dura hin deeman kanumaan walqabsiisuun Abbootiin Gadaafi Haadha Siiqqee sirna kana keessatti qaama hawaasa malkaa deemu hunda dura bu’uun kan deemaniidha.

**Garee Foollee:** Akkaataa qoqqoodiinsa Gadaatiin umurii isaaniitiin sadarkaa foollee keessa kan jiran jechuudha. Gareen kun sirna kana keessatti ga'een isaanii akka poolisiitti nageenya eegsisuufi sirba foollee jechaa kan adeemaniidha.

**Suura 7: Garee Foollee**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Oromoon "xiyya darbatanii waa rukutuuf duubatti harkisuun dirqama"jedhe mammaakuu aadaa badeefi seenaa cabe deebisuuf foolleen kutannoon socho'uun murteessaadha. Sirna kana keessatti aadaa hawaasichaa ammayyeessuuf nageenya eegsisuun, faaruu mararfannaa waaqaan, akkasumas, irreeffachuun ga'ee isaanii ba'aanii jiru

**Garee warra Fardaa:** Gareen kun farda irra taa'uudhaan dhiichisaa adeemu. Farda isaanii kanas faayaa itti godhanii miidheksanii yaabbatanii adeemu.

**Suura 8: Garee warra Fardaa**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Sirna kana keessatti ga'een warra fardaa, farda (garmaamsisuu) gulufsiisuun gammachuu isaanii ibsatu.Fakkeenyaaf;

Fardi kan yaabbatanii
Waaqni kan waammatanii
Tolaakoo rooba nagaa si waamee

Fardi uummata oromoo biratti kabaja guddaa kan qabuudha. Guyyoota jilaa fardaan waan garmaamaniif fardi nagaan haa bulu jechuudha. Fardi collee onnee waan qabuuf gootummaa

#### 4.1.1.1.3. Eebba

Eebbi gosa afoolaa keessaa isa tokkodha. Haata'u malee abbootiin akkaataa dandeettiifi beekumsa isaaniitti fayyadamanii eebbisan. Ayyaanni kunis kan kabaajamu irra caalaatti galata waaqaaf galchuuf yoo ta'u, milkaa'ina fuula duraatifiis ni kadhata. Galanni waaqaaf galfamuu kunis kadhaa keenya nuuf dhageesse ifatti nu baastee, sanyii facaafanne nuu biqilchite, sa'a nama nagaa nuuf kinnitee galannii si haa ga'u jedhu. Akkasumaas milkaa'ina fuulduraatiif immo miidhaan alaa ga'ee (bilchatee) namaafi sinbira wajjiin nuu soori, bara nagaa kan quufaa nuu godhii, yaadaafi hawwii keenya nuu guuti jedhanii waaqa kadhatu.

Irreechi malkaatti kan irreeffatamu gubaa ayyaana (ibsaa masqalaa) booda. Oromoon osoo ibsaa birraa hin ibsine irreecha birraa hin irreeffatu. Dura ibsaa ibsee qe'eesaatti kabaaja. Ibsaa birraa ibsuun dukkana gannaa keessaa ifatti ykn booqa birratti bahuu agarsiisa.

Afgaaffiin argame irraa akka Abbaan Gadaa Makuriyaa Badhaanee (19/1/2011) Akka ibsanitti irreechi dinqaa jalqaba jedhu. Kabajni ayyaana irreechaa bifa lamaan ilaalama Inni tokko hidda dhaloota ykn goosti naannawaa walitti dhiyeenyaatti argaman bakka ulfaatti walitti qabamanii gamtaan faaruu irreechaaf faarfamu jechaa malkaa deemanii angafaa quxisuun eebbifatanii irreefatu jedhu. Irreechi Awaash Malkaa Qunxurree irratti waggaa waggaan ayyaana gubaa (masqala) fi ayyana sabaa Hora Arsadee gidduu kan kabajamu irreechaa gosaati jechuun ni danda'ama. Sabaabni isaa irreechi kun kan adeemsifamu (irreeffatamu) hidda dhaloota ykn gosa naannawaa irraa walitti babaa'aniin akkataa angafummaa gosaatiin dabareen eebbifatu. Wanti hubatamu qabu irreechi kan ittiin durfamuu fi eebbiifamu warra ulfaa (angaafaatin) haa ta'u malee namni kamuu, sabni kamuu irratti argamee irreefachuu danda'a. Irreechi Awaash Malkaa Qunxurree irratti irreefatamuus duursa eebba gosaan akkataa angaafafi quxisuu isaanitti dabaree walii kennuun eebbifatu. Haaluma kanaan gosti angaafni eebba eegaluun dabareen eebbisaan kan armaan gaditii. Jalqaba Jidda, itti aansee Jiddaa Galaan, Siibaa, Maaruu, Abbicha, Daaccii fi Bachoo yoo ta'an dhuma irratti ebbi abbaa malkaan xumurama. Yaadni kun kan inni ibsuu akka safuu Oromootti aadaa ofiitii dhuunfaadhaan bakka erga kennaniifi saba bal'aa keessattis aadaa dhuma yookiin sirnuma kana ifatti baasanii calaqqisiisuun kan danda'aamu ta'uu isaa fakkeenyaaf diinqaa jalqaba si'a jedhu malkaa kana irraa ka'uusaa ifa godha.

Odeefkennaa Obbo Tolasaa Dhaabaa (19/1/2011) eebba irratti dursi kan kennamuu yookiin kan jalqaba eebbisuu angafadha. Eebba irratti Abbaan Malkaa quxisuu yoo ta'ee oofkaltii gaafatee eebbisa. Eebba kan eebbisuu dhiira qofa osoo hintaanee dubartiinis Mana keessattis ta'ee sirnoota garaagaraa irratti ni eebbisti. Dubartiin ofii isheen eebbisuun alaa eebbaaf illee haala mijeessiti. Eebbi bakka hedduutti malkaatti ba'aanii, tulluu irratti, jila garaa garaa irratti, mana keessattis ta'ee sirnoota garaa garaa irratti ni eebbifama. Eebbistootni yommuu jalqaba eebbisan 'na ofkalchaa' jechuun eegalu, yeroo xumuran eebbikoo isin haa qabatu, kan ani jedhe rabbi haa jedhu, kan ani wallaale waaqayyo itti haa guutu jechuun xumuru. Yaadni kun eebbaan wal qabatee eebbii seeraafi sirna mataa isaa qabaachuusaa agarsiisa. Sirna irreechaa keessatti Abbaa Malkaan akka jalqabu, itti aanee hangafaaf quxisuun akka

eebbifamu ifa godha.Sirna kana irratti akka angafaaf quxisuutti waliif kennuun eebbi geggeeffamee jira.

**Suura 9: Abbootiin Gadaa Yeroo Eebba Eebbisaan**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Eebbi yeroo eebbifamu seera fi naamusa mataa isa qaba.Kunis haala angaafummaafi quxisuummaa gosaatin dabareen wal jalaa fuudhanii eebbisuun gara sagantaa kan birootti kan ce'aniidha.

Eebba Abbaa Malkaa Taaddasaa Seefuu (Guyyaa 19/1/2011)

A, Kunoo waaqni masqalaa dhufee
booruu gannaatis nu ofkalchee
qilleensa birraatis nu haabaasu
B, nu haa baasu

Buufatni kun ergaa inni dabarsuu booruu gannaa waan hunda dachee kanarraa haree deemu nu ooichitee akkasumas immoo kan fuula dura jiru qilleensa birraa gaarii akka godhuuf ibsa.

5. A, bara dheebuu jalaa nu haa baasu
   B, nu haa baasu
   A, kunoo oromo uumaan keenya nuu deebi'ee
      ammallee uumaan namatti nu haa deebisu
   B, nu haa deebitu

Dhaamsi buufata kanaa hongee nutti dhufe nu oolchee malkaan nuuf guuteera nun illee waliin nu haa jiraachisu kan jedhu ibsa.

10. A, Malkaan nuu haa dhaga'u
    B, haa dhaga'uu
    A, Malkaa kadhannaa malkaan nuu haadhaga'u
    B, haa dhaga'u
    A, garaan keenya tokko haa ta'u
    B, haa ta'uu
    A, biyyi keenya tokko haata'u
    B, haa ta'uu

Cabsati kun uumama isaatiin uumaa kadhachuufi tokkummaa akka kennu ibsa.

15. A, kan amma ijaan argineef gurraan dhageenye
       kana lafa nu haa qabsiisu
    B, haa qabsiisu
    A, lafa nu haa qabsiisu
    B, haa qabsiisu
    A, xinnaa nuuf haa guddisu
    B, haa guddisu
    A, guddaa nuuf haa bulchu
    B, haa bulchu

Ergaan buufata kanaa hawwii keenya nuuf guuti kan jedhuudha. Akkasumas, Du'i akka malee nutti akka hin dhufne nurraa qabi kan jedhu ifa godha.

20. A, qotiyyoo qanbara keessa nuuf haa bulchu
    B, haa bulchu
    A, dhalti okolee keessa nuuf haa bulchu
    B, haa bulchu
    A, jabbii mooraa keessa nuuf haa bulchu
    B, haa bulchu

Yaadni buufata kanaa wanta ittiin qotatan akka hin dhabne yookiin akka jalaa hin miidhamneef fayyummaa isaanii nuuf tiksiidha. Sangaa qonnaaf ta'u waanjoo jalatti sirriitti qotee calla gaarii argamsiisu. Akkasumas raadni dhaltee ilmoon jalaa duute hamaa waan

ta'eef kana nu oolchi kan jedhuudha. Jabbii mooraa keessa gaafa jedhuu loon dhalanii waatiif aannan akka kennitu hormaanni akka tolu agarsiisa.

25 A, biyya keenya biyya nagaa nuuf haa godhu

B, haa godhu

A, eebbisaan nama haa ta'u

B, haa ta'uu

A, barsiisaan waaqa haa ta'u

B, haa ta'uu

A, xurii barsi nu haa olchu

B, haa oolchuu

A, gadaan roobaa gabbina gabbisi waaq

B, gabbisi waaq

Barsiisaan waaqa haa ta'u kan jedhuu kan nama eegu, kan nama gargaaru, kan nama jiraachisu ibsa.Xurii barsii cubbuu dalaguu waan hamaa akka hingoone nu eegi kan jedhuudha. Gadaan roobaa gabbina sirna kana nagaan ga'uun milkii gaarii ta'uusaa ibsa.

Eebba Abbaa Gadaa Abarraa Warquu (Guyyaa 19/1/2011)

A, Sooddo na oofkalchaa

B, oofkalaa

A, na oofkalchaa

B, oofkalaa

A, egaa kunoo nagaan nu baasee
nagaa kana nagaa nuuf haa godhu

B, haa godhu.

A, alaa manaa nagaa nuuf haa godhu

B, haa godhu.

Ergaan cabsata kanaa kan nagaan baase guyyaa guutuu nagaan oolanii nagaan manatti akka galaniifi bakka deeman hundatti rakkoo irraa akka eegamaniif adaraa rabbitti kennachuu agarsiisa.

A, irraa gora nu haa oolchu

B, haa oolchu

A, Ammas si kadhannaa nuuf dhaga’i waaq

B, dhaga’ii waaq

A, Mee bokkaa sa’aa tolu nuu roobi waaq

B, roobi waaq

A, kan namaa tolu roobi waaq

B, roobi waaq

Ergaan cabsata kanaa bakka bobbaanutti gaarii malee waan badaa akka hin gooneef nu tiksi. Rooba roobee magarsu, hormaataaf kan ta’uu nuuf kenni kan jedhu ibsa.

A, Mee balleessaa keenya ilaaltee nun balleessinii
Yaa waaq nuu araarami

B, Araarami waaq

A, Barri kun bara dhugaa bara Gadaati

Gadaa ati mee nu araarami

B, Nu araarami

A, Akka kee ilaali akka keenya hin ilaalin

Mee kadhachuu ilaalii adaraakee nuu araarami

B, Nu araarami

A, Biyya illee biyya nagaa nuuf godhi

B, Godhi waaq

Cabsanni kun Sirna duudhaa keessatti waan balleessan araara kadhachuu ibsa.

A, Qeerroo nuu afaan keenya beeksisi

B, Beeksisi

A, Wallaalaa afaan isaanii beeksisi

B, Beeksisi

A, Egaa biyyana si kadhannaa biyya nagaa nuuf godhi

B, Nuu godhi

A, Sanyiif imoo nuuf qajeelchi

B, Nuuf qajeelchi

Ergaan cabsata kanaa wal dhabdee gidduu keenyaa balleessii horteen keenya waan dabaaf hamaa akka hin gooneef karaa sirriitti nuuf qajeelchi horteen keenya waan dabaafi hamaa akka hin gooneef karaa sirriitti nuuf guddisi ijoolleen isaanii lafa gaarii malee bakka hamaa akka hin oollee agarsiisa.

A, Wallaalaa nuuf barsiisi

B, Nuu barsiisi

A, Beekaa nuuf qari

B, Nuuf qari

A, Barreengaddaa si kadhanneerraa

Kan barana geenye immoo kunoo

Akkanatti malkaan guutee

Si kadhanneerraa malkaan wal ijaaree

Nagaan nu haa ga'u

B, Haa ga'uu

A, Hayyee nagaa nagaa nuuf godhi nagaan.

B, Haa ga'aan

Buufata kana keessatti baroota darban kadhannee arganneerraa ammas kan dogoggore karaa sirriitti nuuf qajeelchii kan gaarii hojjeteef immoo caalaatti sammuu isaa ballisiif kan jedhu ifa godha.

Eebbi Oromoo biratti aadaa iddoo guddaa qabuudha. Eebba olii kana lamaan qubee 'A' irra kan jiru jaarsoliin kan eebbisan si'a ta'uu qubee 'B'n immoo yeroo jamaan yookiin hawaasni iddoo sanaa jalaa qabaniidha.Wanta inni yaade hawwiin isaa fiixaan akka ba'uuf eebbaan eegala.kanaaf eebba olii kana irraa wanti hubannu waaqa uumaa yeroo isaan itti galateeffataniifi kadhataniidha.

**4.1.1.1.4. Irreeffannaa**

Irreeffannaa jechuun marga qabatanii gara malkaa deeman sana bishaaniin wal quunnamsiisuudhaan kan geggeeffamuudha. Daawwannaan kan fudhatame (19/1/2011) Maanguddootni marga sana bishaan cuuphanii ofitti erga facaasanii boodaa hawaasa sanattis

marga sana bishaan cuuphuun itti facaasuudhaan waggaa waggaan isin haa ga'u, jiidha, qilleensa birraa, isinitti haa urgeessu jedhanii erga irreeffatanii eebbisanii boodaa marga achuma kaa'u. xumura sirna kanaan booda kan jiruu dhiichisaafi sirboota adda addaati.

**Suura 10: Yeroo Namootni Irreeffachaa Jiran**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) qorataan kan kaafame

Sirni Irreeffannaa Manguddoota, Abbooti Gadaa, qaama seera angafummaa qabanii fi haadhoolii ulfoo, haadha siqqeen daraaraa keelloofi marga jiidhaa fiixeen hin citne harkatti qabatanii Abbaa malkaatti aanuudhaan sirna irreeffannaa saaqanii turan. Sana booda namni hunduu irreeffate."Irreechi sirna ayyaaneffannaafi dhiiga ilmaan uummata oromooti. kayyoon irreeffannaan kun waggaa waggaan godhamuuf eenyummaan keenya akka hin dagatamneef, ittiin of beekuuf, beekamtiifi aadaan saba keenyaa akka olguddatuuf, siidaa ilmaan oromooti jechuu dandeenya."Barsiisaa Gaaddisaa Bayyanaa (19/1/2011) odeef kennaa kennaa kanarraa ergaan nuti hubannuu irreechi duudhaa Oromoo kan mallattoo Oromummaa isaa ibsu waanta'eef akkasumas uumaa gochaa isaa kana ilaalanii galateeffachuufi dhalataan booda jiruu akka kunuunsuun irra jiru ibsa.

### 4.1.1.1.5. Jeekkarsa

Jeekkarsi faaruu hordoftootni amantii waaqeffannaa iddoo adda addaatti faarfataniidha. Bakki itti faarfatamuu bakka irreeffannaatti, ayyaana maatii irratti, warra qaalluufi kan kana fakkaatan irratti faarfatamuu danda'aa. Bakka faaruun jeekkarsaa itti faarfamu keessaa tokko

bakka irreechaati. Ayyana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree irratti hordoftootni amantaa waaqeffataa hordofan bakka tokkotti walga'uun geengoo ijaaranii ta'aanii kan faarfataniidha. Fakkeenyaaf

Yaa gurree leemmiyoo
Waaqa nageenyihoo
Yoo dhugaa qabanii
Waaqarraa dhabanii
Yaa soraa manarraa
Rabbi tolaa namarraa
Yoo dhugaa qabanii
Waaqarraa dhabanii

Madda:Dargaggoota Guyyaa (19/1/2011) irreeffannaa deeman.

Ergaan faaruu kanaa garaa qulqulluu yoo waaqa kadhatan waan kadhatan sana hin dhabani kan jedhu ibsa. Jiruufi jireenya keessatti rakkoo isa mudateefi humnaa ol ta'ee waaqa uumaa isaa abdii godhatee itti himata yookiin kadhata. Waaqnisdeebii kennu akka danda'uu ibsa. Yaa 'gurreeleemmiyoo'jechuun yaa waaqa gurraachaa si kadhanneenuu dhaga'i jechuudha.

**Suura 11: Hordoftoonni amantaa waaqeffataa yeroo jeekkaran**



Madda: (Fulbaana19, 2011) qorataan kaafame

Inni kan biroon yeroo gara malkaa bu’anis ta’e yeroo gara manaatti galanii qeerroon akkas jechuun gammachuu isaanii guyyaa sana ibsatanii jiru;

Waaqeffannaan duudhaaf amantii keenyaa
Olka’aa malkaa deemna
Oromoon hunduu dhiiraaf dubartiin yaa’ee
Malkaafi tulluutti walga’ee
Ilil jedha galata rabbi isaati
Waa shanan Gadaa hundi ba’e

Madda: Foollee (Guyyaa 19/1/2011) irreeffannaa deeman

Yaada afwalaloo kana irraa wanti hubannuu waaqeffannaan duudhaaf amantii oromoo ta’uu isaafi sabni oromoo hundi malkaatti ba’ee haa irreeffatu, Oromoo hafettis himaa gara malkaa deemnaa ergaa jedhu ibsa.

**4.1.1.2. Meeshaalee Aadaa Fayyadaman**

Meeshaalee aadaa namootni yeroo jila addaa addaa itti fayyadaman sirna kana irrattis fayyadamanii jiru. Guyyaa ayyaana irreechaa kana namootni uffannaaleefi meeshaalee aadaa adda addaa mallattoo halluu faajjii yaa’ii Oromoo kanta’e gurraacha diimaafi adii qaban uffatu. Halluuwwan kunneen Oromoo biratti hiika garaa garaa qabaachuu isaa Odeefkennaa Obbo Siisaay Malkaa (Guyyaa/19/1/2011) haalluu uffataan walqabsiisanii akkanatti ibsu: Gurraachi mallattoo uumaati. Wanti hedduun gurraacha keessaa ba’aa jedhama. Fakkeenyaaf garaan waaqaa gurraacha, qaroon ijaa gurraacha jedhama. Kanaaf mallattoon gurraachi waaqni hundaan olta’uu isaa kan agarsiisuudha. Adiin dulloomina yookiin baduu agarsiisa. namootni yoo dullooman arrii baasu. ibiddi yoo waan tokko gube gara daaraa adiitti geeddarama. Diimaan mallattoo lafaati. Bifti lafaa diimaa ta’uu agarsiisa. Kana malees diimaan guddachuu, daraaruufi ga’uu agarsiisa jedhu. As irraa kan hubannuu wantootni guyyaa sirna kanaa fayyadaman hariiroo inni sirna kana faana qabuu akka ilaalcha hirmaattotaatti meeshaaleen kun kabajaafi safuu guddaa isaan biratti waan qabuuf wanta qabatamuu kaasee hanga mallattoolee huccuu uffaniitti kan dubarri uffatanis ta’e kan dhiiraa hunduu hiika kan qabu ta’uu isaa ibsa. Meeshaaleen kunneenis akka itti aanutti dhiyaatu.

#### 4.1.1.2.1. Meeshaalee Aadaa kan Dhiiraa

Meeshaan aadaa adeemsa jiruufi jireenya namaa keessatti ogummaa namootaatiin hojjetamee eenyummaa sabaa bu'uura godhachuun karaa uffata sanaa ergaa ittiin darbu mataa isaa ni qaba. Marii Garee (Guyyaa 19/1/2011) huccuun aadaa mallattoo calaqqistuu seenaa, aadaa, duudhaa jiruuf jireenya keenyaati jedhu. yaaduma kana kan gabbisu Biraanuu (2015)

> *Uffanninamootni baay'een uffatanis halluu dhuma kanan faayame uffatu. Ayyaantuun dhiiraafi dubartii yoo irreeffatan yoo dhibaayyuu dhibaafatanii waaqa kadhatan kuulli uffata isaaniifi kuulli uffata warra waaqeffataafi mallattoon faajjii tokkodha. Innis gurraachi olaanee, diimaan itti aanee, walakkeessa irratti kan hojjetamu, adiin immoo akka haalluu sadaffaatti kan gadi aanuudha. Hiikkaan isaas, Gurraachi olaanuu, bifa waaqaa kan hundaan olii ta'uu isaa agarsiisa. Diimaan bilchinaafi gootummaa kan agarsiisu yommuu ta'uu, Adiin ga'umsa yookiin fixannoo agarsiisa.*

Yaada kana irraa wanti hubannuu uffata uffatamuu kaasee hanga meeshaalee isaan qabataniitti hirmaattota sanaaf hiika mataa isaa danda'e qabaachuu isaati. Kanaaf sirna kana irratti hawaasni callisee mallattoo arge fayyadama osoo hin taanee akkaataa hiika kennuufii danda'uun dhimma kan itti ba'eedha. Fakkeenyaaf sirna kana irratti uffata faajjii abbaa Gadaa qabutti dhimma ba'uun isaanii karaa biraa eenyummaa isaanii ibsachuu agarsiisa.

##### 4.1.1.2.1.1. Bokkuu

Bukkuun meesha aadaa dhiiraa kan guyyaa ayyaana irreechaa dhiironni qabannaaf fayyadaman keessaa isa tokko. Akka Negaso (1984) ibsutti "Bokkuu was only a symbol of peace, Order, health and prosperity in society." jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'aamuttii bokkuun mallattoo nageenyaa, fayyaa, hooggansaafi itti fufiinsa jireenya hawaasichaa ibsa. Kanaaf bokkuun sirna bulchiinsa uummatichaa biratti safuufi mallattoo hooggansaa kan agarsiisuudha. Dirribii (2012:110) Akkas jechuun ibsa Bokkuun inni jalqabaa akkuma kallachaa Waaqaa bu'e jedhama. Bokkuun mallattoo aangooti, kabaja guddaa haaqabaatu malee akka kallachaa hin sodaatamu. Abbaan Gadaa bokkuu qabatee Seera tumee labsa. Yeroo ammaa garuu, namni muka gaarii ilaalee bocee midhagsee tolfata. Bokkuun naannoo ofii bahee laga hin ce'u. Akka tasaa yoo ce'es falaafi faloo qaba. Kanaaf bokkuun erga Waaqa biraa gadi bu'ee meeshaa ulfaa ayyaanaa jedhama.

**Suura 12: Bokkuu**



Madda: (Mudde 28, 2011) Giddu Gala Aadaa Oromootii  Qorataan kan Kaafame

Odeefkennaa Abbaa Gadaa Geetahuun Fiixaa (6/4/2011) Bokkuun ulfina qaba namni yoo waldhabe yookiin walitti bu'ee abbaan bokkuu namoota sana tasgabbeessuuf yookiin araarsuuf bokkuu sana qabatee gidduu seena jechuun yaada isaanii kennu. As irraa wanti hubannuu akka Gadaa Oromootti bokkuufi abbaan bokkuu ulfina guddaa qabaachuu isaafi walitti bu'iinsa furuu keessatti shora guddaa qabaachuu isaati.

Haala qophii Bokkuun walqabtee odeefkennaa Abbaa Bokkuu Dibaabaa Onnataa (19/1/2011) Bokkuun muka Ijersarraa Ogeessi tolcha. Dheerinni isaa meetira tokko kan hin caalle, mataa irratti dubumbulaa, ulee furdaa irraa hojjetama. Jinfuun isaa dubumbuladha. Mataa irraan  xiqqqoo gartokkotti micciiramaadha.Ogeessi tolcheeti Caffeetti eebifama, Bokkuun bakka saditti qoodama. 1. kan qaalluuti, 2.kan hayyuufi 3. kan angafa gosaati jechuun ibsa.

**Bokkuu Caffee Gadaa:** Gosti bokkuu kanaa abbaaf ilmaan walharkaa hin fuudhan si'an akkas jedhuu hindhaalamu jechaadha. Kan gosa hundaati.Waggaa saddeet saddeetiin akkataa seera Gadaatiin walharkaa fuudhama. Hanga waggaa saddeetiitti akka ittiin biyya bulchuuf

abbaan Gadaa eeyyamaaf aangoo abbaa bokkummaa qabaachuunsaa yoo bokkuu ofharkaa qabaate qofa. Erga yeroo isaa xumuree waggaa saddeet bulchee booda hayyuu haaraatti dabarsa.Bokkuun hindulloomu yeroo isaa eeggatee hayyuu haaraatti darba malee. Hayyuun duraan qabachaa ture “abbaa bokkuu dullachaa” jedhama maqaan irra hin fuudhamu.

**Bokkuu Qaalluu:** Gosti bokkuu kanaa bakkuma jireenya qaalluun sun jiraatuuti hin fagaatu. Qaallun bokkuu akka qabatuu seera Gadaatu eyyamaaf, qaalluun sun yoo du’ee nama ayyaanni sun irra buufatetu bokkuu qaalluu sana dhaala.

**Bokkuu Gosaa:** Gosti bokkuu kanaa araara waan buusuuf, “Bokkuu araaraa” jedhamees ni waamama. Lolli ilmaan Oromoo jiddutti yoo dhalate, lola kana qabaneessuuf Bokkuu Gosaatu mana angafaatii baha. Bokkuu Gosaa manaa isaatii baafnaan, Bokkuun duraan ba’e manatti deebi'ee kan gosa kanaatu waltajjii ta'ee araraa fida. Gosti Oromoofi biraan wal lollaan bokkuu baasuun hinbarbaachisu. Sababiinsaa hiikaafi ulfina bokkuun qabu kan beeku gosoota Oromooti malee gosni biraa ulfina yookaan kabaja bokkuudhaaf kennuu hin danda’u. Bokkuurra darbuu danda’a. Gama biraan immoo bokkuun araara buusuuf Ummata Oromoof kenname jedhamee amanama.

Walumaa galaa bokkuun hawaasa biratti hiika guddaa qaba. Nama wal lole yookiin walitti bu’ee osoo mana seeraa hin deemin abbaan bokkuuwalitti fidee araarsuufi murtii kennuun furmaata laata. Bokkuun akka safuu Oromootti caffee Gadaan tumamee waan jiruuf abbaan bokkuu waan murteesse kan hin fudhannee hawaasa biratti fudhatama hinqabu. Kanaaf, yeroo waaqa kadhatanillee “Waaqa bokkuu gurraachaa,” jedhanii kadhatu. Ni sodaatama jedhu. Bokkuun sirna araaraa, sirna ayyaana uummata oromoo keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaafi mallattoo aangoo ta’uu isaa hubanna.

#### 4.1.1.2.1. 2. Ciraa

Ciraan meeshaalee aadaa kan jaarsoliin qabatamuudha. Kana malees abbootiin Gadaa ni qabatu. Obbo Geetahuun Fiixaa (Guyyaa 6/4/2011) afgaaffii taasifameen ciraan kan tolfamuu faacha ykn eegaa fardaa sibiila (muka) iraatti dha’uudhaan hojjetama. Yeroo jila adda addaa qabannaaf kan ooluudha.

**Suura 13: Ciraa**



Madda: (Mudde 28, 2011) Giddu Gala Aadaa Oromootii Qorataan kan Kaafame

Meskerem (1998:86) akkas jetti:


> *Chera is what indicates the position of an individual. It is only carried by elders or spiritual leaders. There is also seeke (a short stick) or ankasse (lance that is carried in addition to chera. The high spiritual leader specially selects the specific color chera, seeke or ankasse an elder or a priest should carry. The chera is made from horse ta'i jetti*.

Akka yaada kanarra hubannutti, ciraa waan sadarkaa nama dhuunfaa tokkoo agarsiisuudha. Innis kan qabatamu jaarsoliifi ayyaantuu qofa akka ta'eefi ciraatti dabaluun ammoo, eeboo ankaasee biraa hindhabamu. Ciraan kun halluu adda addaa qabaachuu danda'a. kan inni tolfamus eegee fardaa irraa tolfama. Hawaasnis sirna kabaja ayyaana irreechaa kana irratti faayaafis qabatanii deemuufi titiisa ittiin of irraa dhorkuuf kan fayyaduudha.

#### 4.1.1.2.1. 3. Alangaa

Alangaan meeshaalee aadaa kan dhiiraa guyyaa ayyaana irreechaa jaarsoliin qabatan keessaa isa tokkodha. Alangaan gogaafi muka yookiin sibiila irraa kan tolfamuudha.

**Suura 14: alangaa**



Madda: (Mudde 28, 2011) Giddu Gala Aadaa Oromootii Qorataan kan Kaafame

Odeefkennaa Obbo Lammii Morkii (Guyyaa 23/7/2011) akka inni ibsetti alangaan hawaasa keessatti hiika mataa isaa kan qabuudha.Tajaajilli isaas yeroo ilma guddifatan ga'ee qaba. Ilma namni guddifatu nama seera beeku waliin waadaa galee fudhata. Namni seera beeku yookiin qajeelchu kun immoo alangaa harkatti qabatee sosochoosuun Waadaa galchisiisa. Kun immoo seera tumaa waliin walfakkaata. Namni seera tumus alangaa qabatee qajeelfama kenna. Kana irraa ka'ee namni yeroo ammaa badii dalage qajeelfama kan kennuu waajjira mana murtii keessatti 'abbaa alangaa'kanaaf jedhame jedhu. Kanaaf obbo lammii morkii alangaan kabaja waan qabuuf akka faayaatti qabatanii sirna kana irratti argamanii jiru. Alangaan meeshaalee aadaa guyyaa ayyaana irreechaa qabatanii ittiin kabajatan keessaa isa tokko ta'uu isaa as irraa hubanna.

#### 4.1.1.2.2. Meeshaalee Aadaa Kan Dubartootaa

Meeshaaleen aadaa kan dubartootaa damee fookiloorii keessaa gooroo meeshaalee aadaa jalatti kan ilaalaman ta'ee yeroo jila adda addaa shamarran kan fayyadamaniidha. Meeshaaleen aadaa kan dubartootaa bifa adda addaatiin kan argaman yoo ta'u, dubartoonnii

yoomessa garaa garaa keessatti ittiin of faayanii Waaqa kadhachuufi qajeelcha amantii ta'anii kan tajaajilanidha. Odeefkennaa Obbo Dibaabaa Onnataa (19/1/2011) meeshaaleen aadaa dubatootaa yeroo jilaafi kan itti fayyadaman ta'ee uffanni kun ergaa mataa isaa akka qabuufi gosoota isaas eeranii kan jiraniidha. Isaanis; callee, caaccuu, siiqqee fa'i. Meeshaalee aadaa kan dubartoonni itti fayyadaman miidhaginaa yookaan faayaaf faayaaf illee ni tajaajila.

**4.1.1.2.2.1. Callee**

Calleen faayaa dubartii ta'ee kan yeroo jila adda addaa dhaqan hidhataniidha. Akka yenee'alem (2001:105) ibsitutti "caaccuun bifa diimaafi adiirraa kan hojjetamuudha." Jetti kanaaf, caaccuun faaya dubartiin Oromoo ta'ee kan dubartoonni dhalaafi horii naaf kenni jedhanii waaqa kadhatuun. Kun immo, tuuta firii callee walitti makamanii sanatti fakkeessinu horsiisi jedhanii kadhatu jechuudha. Dhimma kana Dirribii (2012;108) yoo ibsu. "Calleen akkuma caaccuu mallattoo faayaafi hormaatati. Calleen kan hidhatamuu eegalame akkaataa itti mukti arbuu ija horatu (godhatu) ilaaluudhaan Waaqayyo akkuma muka arbuu caaccessite dubartiillee dhalaaniifi horiin caaccessi jedhanii kadhatu" jedha.

**Suura 15: callee**



Madda: (Mudde 28, 2011) Giddu Gala Aadaa Oromootii Qorataan kan Kaafame


Odeef kennaa Haati siiqqee Kibbinash Abbabaa (6/4/2011) Calleen meeshaa aadaa dubartootni godhataniidha. Mana keessattis ta'e yeroo jila addaa addaa godhachuuf nama gargaara namni kamuu dubara kan ta'e dirachuu danda'a bu'aan isaa immoo bareedina nidabala jechuun yaada isaanii ibsu.Yaadoti kunneen kan ibsanii calleen faaya guyyaa ayyaanaas yeroo biroos amuriidhaafi yoomessaan osoo hin daangeffamin shamarran kan godhatan ta'uu isaafi faayaa ijoollee shamarranii akka ta'e hubanna. Kanumaan walqabatee

guyyaa ayyaana irreechaa kana callee dirachuun bakka sirna sanaatti argamuun isaanii gammachuu guyyaa ayyaana kana ga'aan ittiin kan ibsataniidha.

#### 4.1.1.2.2.2. Siiqqee

Siiqqeen meeshaa aadaa Oromoo keessaa tokko ta'ee haadha siiqqee guyyaa ayyaana addaa addaa kan qabatamuudha. Kanaaf guyyaa sirna kanaa akkuma abbaan bokkuu bokkuu isaa qabatee achitti argame haati siiqqees siiqqee ishee qabachuun sirna kana irratti argamtee jirti. Odeef kennaan Haadha Siiqqee kibbinash Abbabaa (6/4/2011) maalummaa siiqqee akkanatti ibsu siiqqeen muka qalloo irraa kan hojjetamtu taatee hojjaa nama qabatu sanaan hojjetamteeti akka aadaa oromootti hawaasa keessaa dubartii heerumte qofaan kan qabatamuudha. Kan qabatanis yeroo hunda osoo hintaanee yeroo jila addaa addaa qofa. Dubartiin heerumte hundis hin qabattu nama hawaasni naannoo haadha siiqqee nuuf taati jedhee filate malee jechuun yaada isaanii ibsu.Yaada kana irraa kan hubannu siiqqeen namoota daanga'oo ta'aaniin hawaasa keessaa filachuun erga muudanii kan namni muudame sun qofti qabatu ta'uu isaa ibsa. Akkasumas siqqeen sirnoota jila adda addaa keessatti kanneen akka ayyaana irreechaa irratti kan dubartiin qabattuu ta'uusaa hubanna.Waan kana ta'eef siiqqeen meeshaalee ayyaanaati jechuu dandeenya. Akka Alamaayyoo (2007) jedhutti "Guyyoota warri dhiiraa horooroo qabatanii jilaaf socho'an Beerri siiqqee qabattee wajjin sochooti. Kanaaf, ulfinni bokkuf, kallachaafi caaccuuf kennamu siiqqeefis haaluma wal fakkaatuun kan mul'atuudha" jedha.Bokkuufi kallachi mallattoo kabajaafi ulfina dhiiraa mul'isuuf akkuma tajaajilu caaccuufi siiqeen immoo ulfina dubartootaafi mallattoo faayaa isaanii akka ta'ee nu hubachiisa.

**Suura 16: siiqqee**



Madda: (Mudde 28, 2011) Giddu Gala Aadaa Oromootii Qorataan kan Kaafame

Odeefkennaa Adde Warqee Sanbataa (19/1/2011) Siiqqeen yeroo hunda hin qabatamu namas ta'e horii ittiin hin rukutan, saawwan ittiin hin eegan, harree ittiin hin oofan, farda ittiin hin dhahaan mallattoo nagaa ta'ee faayidaa adda addaaf qabatama mirgi dubartii yoo miidhamee yookiin miidhaan garaagaraa irra ga'ee akka mirgi isaanii eegamuuf siiqqeen ga'ee guddaa qabdi. Gosa lama gidduutti lolli yoo ka'ee dubartootni wal waamuun ililftanii lola sana gidduu yoo dhaabatan hanga fedhe illee walitti hammaatan siiqqee irra tarkaanfatanii loluun seera miti. Roobni dhabamee hongeen yoo hammaatee malkaatti ba'uun kadhatanii waaqa isaanii garaa laaffifatu kanneen kanaaf oola jechuun ibsan.

Yaada kana irraa wanti hubatamee siiqqeen hawaasa keessatti ilaalcha gaarii kan qabuufi wantoota garaa garaaf fakkeenyaaf akka mallattoo araaraa, mallattoo nagaa, akkasumas, mirga shamarranii ittiin eegsisuufi wal qixxummaa dhiiraaf shamarranii ifa kan godhuudha. Sirna kanaanis walqabatee dubartootni hirmaannaa kanneen faana gochuuf wanti isaan daangessu illee kan hin jirre ta'uu isaafi mallattoo araaraa waan ta'eef uumaa wajjin namni yoo waldhabe uumaa araara gaafatanii dhiifama buusuuf sagalee waan qabaniif sirna kana irratti ga'ee guddaa qabaachuu isaanii ibsa.

Siiqqeen meeshaalee aadaa ayyaana irreechaa ittiin kabajatan keessaa isa tokkodha. akkuma dhiirri bokkuu qabatu dubartiin ammo siiqqee qabatti jechuudha. Kanumatti dabaluun Dirribii (2012:158) akkas jedha "siiqee seera garaa garaa kan mirga dubartii kabachiisuuf

ba'aan mul'isuufi dhugoomsuuf oolti. Murtii Oromoo Arsii keessatti hayichi alangeen yoo muru, bokkichi bokkuun yoo muru, dubartiin immo siiqqeen murti" jedha.As irraa wanti hubannu akka abbaa alangeetti seera gadaatiin dubartiin murtee kennuu kan dandeessuu sadarkaa haadha siiqqummaatiin seerri Gadaa kan muude ta'uu qaba. Kanaaf siiqqeen meeshaaleeguyyaa ayyaana irreechaa qabatanii ittiin kabajatan keessaa isa tokko akkasumas, mirga dubartii bifa qixa ta'een kan eeguufi jila sana irratti mirga dubartootaa kan eegsiftuudha. Akka namoota kam iyyuu shammaran ga'ee isaanii ba'uu kan danda'aaniidha.

**4.1.1. 2. 2. 3. Caaccuu**

Meeshaalee aadaa dubartootni godhatan keessaa caaccuun isa tokkodha. Akka Dirribii (2012:107) irratti ibsutti "caaccuun kallacha dubartii jechuun ni danda'ama. Caaccuun faayaa kabaja dubartii Oromooti caaccuun gogaa goromsaa irraa elellaa  sagal sagaliin tarree galee tolfama. Caaccuun eebbaaf malee abaarsaaf hin bahu. Dubartoonni caaccuu qabatanii, siiqee qabatanii, araara, nagaa rooba, fayyaa, hormaatafi k.k.f nuuf kenni jedhanii waaqa kadhatu. Caaccuun mallattoo araaraati'' jedha. Haati caaccuu siiqee qabattee waraana gidduullee yoo seente waraanni ni dhaabata. Haati caaccuu dubartii ilmi gadoometu qabata.Kanumatti dabaluun akka Hayiluu (1997) ibsutti "caaccuu jechuun teepha qalloofi elellaa sagaliin hodhamee bareedee kan dubartiin qabattuudha" jedha.Kanaaf caaccuun meeshaa qabannaa dubartootaa jechuu dandeenya.

Yaaduma kana deeggaruun Alamaayyoo (2007:222) yoo ibsu "Caaccuun Illillaa bishaan keessaa guuramerraa gogaa Roobitti kandiramuudha. Meeshaan hoodaa kun jiidhafi dhaloota kan ibsuudha." Yaadota olii kanarraan kan hubannu caaccuun meeshaa safuu qabu ta'ee dubartootni namaafi nama kan walitti araarsan, waaqaafi nama kan walitti araarsan mallattoo araaraa kan ta'e caaccuu qabatanii ta'uu isaa as irraa hubanna. Meeshaa kana qabatanii bakka irreechaa deemuun isaanii waaqa malkaa uume sana ittiin kadhatanii furmaata kan argataniidha.

**Suura 17: Caaccuu**




Madda: (Mudde 28, 2011) Giddu Gala Aadaa Oromootii Qorataan kan Kaafame

Odeefkennaa Obbo Lammii Morkii (23/7/2011)Caaccuun hiika mataasaa qaba horiifi dhala naaf kenni akka caacccuu kanaa nu baay'isi jechuun waaqa ittiin kadhachuudha.Kan hojjetamuus elellaa bishaan keessaa guuruun gogaa roobii irratti erga naqamee gogaa sana baqaqsanii wantoota adda addaa kanneen akka qabee fa'itti hidhuun faayaaf itti fayyadamu, Mallattoo hormaataatis akka caaccuu kana namni horuuf jechuun yaada isaanii ifa godhu. Caaccuun Meeshaalee aadaa kan shamarran Oromoo ta'uu isaafi yeroo jila addaa addaa faayaadhaaf kan qabatamu akkasumas caaccuu dirachuun fedhii hormaataa kan mul'isu ta'uu isaati.

### 4.1.1.3. Meeshaa Uumamaa Dhiirrifi Dubarri Fayyadaman

Meeshaaleen gaafa guyyaa sirna ayyaana irreechaa saalli lamaan fayyadamanii margaafi daraaraa keelloo kan qabataniidha. Meeshaalee kanneen qabatanii dhaqan kana balaa hamaa addaa addaa nu oolchuukeef galatakee jechuun bakka murtaa'e tokko kan ka'aaniidha. Yaada kana kan gabbisuu Caalaa Soorii (2013:24) ibsutti Ayyaanni Irreechaa moggaasa maqaa Irreecha jedhu iyyuu kan argate waantoota Ummanni Oromoo galateeffannaaf yookaan akka aarsaatti qabatee bakka irreeffannaatti argaman margaafi daraaraa keelloo irraati jedha. Marga qabatanii dhaquun aarsaa dhiyeessuufi galata galchuufi daraaraana immoo hawwii yookiin fedhii gara fuula duraa agarsiisa. "Jiidhaa keessa jiidhatu jira" jedha Oromoon meeshaaleen qabatanii sirna kana irratti argaman kun jaallatamaa, kabajamaa, ulfina kan qabuuufi yoo qabatanii waaqa kadhatan waaqni kan namaaf dhaga'u ta'uu isaafi hawwii qaban ittiin ibsachuu agarsiisa.

### 4.1.2. Ilaalcha Hawaasni Irreecha irratti Qabu

Odeefkennaa Tolasaa Kumaa (4/7/2011) Ummanni Oromoo ummata bal'aa lafa bal'aarra qubatee argamu yoota'u, baay'inni isaas hanguma kana heddumata. Jiruufi jireenyasaa keessattis afaan, aadaa, duudha, sirna bulchiinsaa, falaasama, ilaalchaafi amantaa mataasaa qaba. Sabni kun wantoota lubbuu qabanis ta'ee kan hinqabneef hiika garaagaraa kenna. Wantoonni kunis kanneen akka qilleensaa, jiidhaa, gogaa, bubbee hamaa, rooba hamaa fi kanneen kana fakkaataniif. Fakkeenyaaf, gogiinsi yoo jiraate sababiin isaa hawaasni sun seera uumamaatiin ala ba'uu (cubbuu hojjechuu) yoo agarsiisu rakkoo kanaaf furmaanni akka amantaafi aadaatti falaasama isaa irratti hundaa'uun dhuunfaafi gurmuun Waaqa uumaasaa araarfata. Gama biraatiin namni kamiyyuu walii wajjin jiraachuu waliin nyaachuufi hojjechuu keessatti wanti inni waliif hawwu ni jira. Wanta hawwu kanas eebban ibsata.Yeroo eebbisu kanattis wantoota jiidha qabanitti dhimma baha. Kanumaan walqabsiisnee sirna kana irratti dhimma kan itti baanuuf kanumaafi jedha.

Yaada kanarraa wanti hubannuu Sabni oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota jiidhaa ta'aniif bakka guddaa kenna. Kanumarraa ka'uudhaan yeroo araaraa, eebbaa, ayyaanaa, kadhaa, mana ijaarsaa, horiin dhaltu, gaa'eelaa, daboo kadhatan, buttaa qalan, yeroo du'aa awwaalarratti, yeroo da'umsaa, yeroo butii fi k.k.f jiidhatti dhimma baha. Kanaafis yeroo baay'ee coqorsatti fayyadamu. Sababni isaas coqorsi damee shan waan qabuuf. Dameen shanan kun ammoo Gadaa shanan bakka bu'a jedhamee waan amanamuuf. Kanaaf jecha jaarsoliin Oromoo marga jiran keessaa coqorsa filatu**.**

### 4.1.3. Dhiibbaa kabaja Ayyaana Irreechaarra Qaqqabaa Turan

Uummatni Oromoo saboota Addunyaa kanarra jiran keessaa hidda latiinsaan akkuma heddumatu aadaanis dureessa warra ta'aan keessaa tokkodha. Haata'u malee yeroo adda addaa kallattii addaa addaan dhiibbaan irratti godhamaa tureera. Marii garee Gaafa Guyyaa (19/1/2011) duudhaawwan  Oromoo akka laafaa deeman kan godhan wantoota hedduudha. Sababootni duudhaa Oromoo dadhabsiisaa turan keessaa muraasni amantii kiristaanaa, amantaa Islaamaa, dhiibbaa mootota habashaatiifi .k.k.f.dha.

#### 4.1.3.1. Dhiibbaa Mootota Darbanii

Aadaaniifi amantaan Uummata Oromoo akka quucaran kan godhan keessaa dhiibbaan mootummoota darbanii isa tokkodha. Farra eenyummaafi tokkummaa uummataati. Aadaan

Oromoo akka guddatu uummatni habashaa waan hin barbaadneef Oromoon seexanatti, bishaanitti, dhagaatti, mukatti amana jechuun Oromoon akka waaqa isaatti hin amanne barsiisaa turaniiru. Meeshaalee kanneen akka callee, caaccuu, bokkuu, kallacha akka meeshaa seexanaatti ilaaluun akka gataman ta'aa tureera. Akkasumas beektotni Oromoo dhimma aadaa uummataa kana akka hin barsiifnes dhiibamaa kan turaniidha. Fakkeenyaaf

bakka amantii waaqeffannaa Oromoo kan akka dhaabbatni qaalluu itti geggeeffamu balleessuun bakka sanarra bataskaanni akka dhaabbatu gochuun Maqaalee Magaalota Oromiyaa gara maqaa Amaaraatti jijjiiruun eenyummaafi amantaan Uummata Oromoo akka dhabamu, seenaan isaa akka awwalamuuf ta'aa tureera, Amantaa keenya hordofuun akka siyaasaatti ilaalamaa ture, waaqa uumaa tokkicha kana akka hin kadhanneef yerootti akka gocha seexanaatti ilaalaa turantu jira (marii garee 19/1/2011). Yaada kana irraa wanti hubannuu sirnooti darban akka duudhaan keenya hin dagaagneef dhiibbaa hamaa geessisuu isaaniifi yeroo ammaa kana immoo jijjiiramootni gaariin jiraachuu isaanii ifa godha.

**4.1.3.2. Dhiibbaa Amantaa Muusiliimaa**

Haala amantaa Oromoo irratti wantoota gufuu ta'aan keessaa amantaan muusiliimaa isa tokkodha. Oromoon amantaa duraan qabatee ittiin bulaa ture adeemsa keessa gara amantaa muusiliimmaatti jijjiirrachaa kan dhufeedha. Amantaan kun Oromoo gidduutti kan beekameefi kan babal'atee sababoota mataa isaa qaba. Bartles (1989 :14) babal'ina amantaa muusiliimaa ilaalchisee yaada ofii yoo kaa'uu, *"The introduction and expansion of Islam among Oromo influenced by their commercial engagement with the Harari and Somalia people who have along history of Islam"* jedha. Yaada Bartles irraa kan hubannuu amantiin Islaamaa kan Oromoo gidduutti babal'ateefi beekamee Sababa daldalaan walitti dhufeenya seenaa dheeraa uummata Harariifi Sumaalee gidduuti raawwatame akka ta'ee addeessa. Haa ta'u malee hawaasni adeemsa keessa hubannoo argachaa dhufuun kallattii adda addaan walitti dhufuun hirmaannaan sirna irreechaa baay'ee dabalaa kan jiru ta'uu isaati.

**4.1.3.3. Dhiibbaa Amantii Kiristaanaa**

Amantiin kiristiyaanaa biyya bakkeetii gara Itoophiyaa seenuudhaan dhimma babal'ifannaa amantii irratti barnoota kallattii addaa addaatiin kennaa kan turaniidha. Haa ta'u malee adeemsa keessa Uummatni Oromoo duudhaa isaa ganamaa irraa maquun gara amantaa kiristiyaanaatti akka deebi'an ta'aa tureera. Naanna'ee naanna'ee kun immoo aadaa saba

kanaa irratti dhiibbaa fideera. Haaluma kanaan amantii Ortodoksii humnaan itti fe'amaa tureera. Amantii kun amantii duudhaa Oromoo, aadaafi seenaan isaa akka acuuccamufi badu gochuu qofa osoo hin taane haala hojiifi guddina diinagdee naannoo sanaa irrattis miidhaa guddaa fideera. Fakkeenyaaf, guyyoota ayyaanaa hedduu hojii lagachuu, yeroo dheeraa soomuufi mana amantiitti yeroo isaa dabarsuu fa'a. Oromoon maqaa ganamaa gatee maqaa kiristaanaa moggaafatee eenyummaa isaa akka dagatu taasifameera. Dame amantii kiristaanaa kan ta aan kaatolikiifi miisiyooniin amantiin duudhaa Oromoofi aadaan isaa akka baduufi moggaatti akka  darbatamuuf ga'ee olaanaa taphataniiru jechuun ibsu.

**Suura 18: Marii Garee**



Madda: (Fulbaana 19, 2011) kan kaafaman

Yaadni isaan kennan  ammas  rakkoon kun guutumaan guutuutti kan hin citne ta'uu isaafi hordoftootni amantaa kiristanaa amantii kan kiyyatu sirriidha jedhanii barumsa dhimma amantaa kallattii adda addaan kennuudhaan amantaa ofii dawoo godhachuun uummata gidduutti darbee darbee ni mul'ata. Kun immoo dhimma amantaafi aadaa ayyaaneffannaa Oromoo irratti rakkoo hamaa fidaa ture fidaas kan jiru ibsa.

**4.1.4. Ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree Sadarkaa Amma Irra Jiru**

Uummatni Oromoo akka amantaa waaqeffataattis ta'e amantaaleen biroos ayyaana irrechaa yeroo ammaa kana namootni danuun bakka sirni kun jiru deemuun kan ayyaaneffachaa jiraniidha. Sirnoota darban keessaa ayyaanni irreechaa sadarkaa maalii irra akka ture nama kam jalaa iyyuu kan dhokatu miti. Jjjiirama dhufe kanaanhar'a sadarkaa naannoo irra darbee akka biyyaatti akka beekamu gochuufi akkuma ayyaanota kanneenii lakkoofsa itti kennuun sagantaa dhaabbataa ta'een akka biyyattitti kabajamuuf sochiin gama hundaanuu murteessaa dha. Odeef kennaaItti Gaafatamaa waajjira aadaafi tuuriziimii Obbo Xilahuun Asaffaa (8/6/2011) Sirna kabaja ayyaana Irreechaa Awaash Malkaa Qunxurree kan bara kanaa irraa kaasnee yoo ilaallee haalli hawaasni itti hirmaatan daran kan dabaleedha. Kun immoo wanta nama boonsuufi uummatni keenya maalummaa yookiin eenyummaa isaaf aadaa isaa akka hubate kan ibsuu baay'inni namoota ayyaana kanarratti argaman irratti hundaa'eeti. Bakkee irreeffannaa kanaan walqabatees Naannoo irreechi itti geggeeffamu kanatti ijaarsi ijaaramaa jira waan ta'eef ijaarsi kun si'a goolabamuu giddu galeessa aadaa uummataa Oromoo gochuuf abdii ni qabna jechuun ibsa. Dabalataan odeefkennaa Firoomsaa Kumsaa (4/6/2011) Oromoon kan itti amanu waaqa tokkicha qaba waaqni kunis yeroo isa barbaaddatan yookiin kadhatan kan dhaga'uufduudhaa keenya amantaa ganamaa kana qabannaa isaa tolfachuu qabna dacheen Oromoo badhaatuu akkuma taatee Oromoon aadaanis badhaadhaa,dureessa, hayyuu aadaa Oromoo beekaniinis dureessa, waaqni gurraachi kun ilmaan sagalee Oromoo ni dhaga'aa. Fakkeenyaaf Arfaasaan yeroo roobaati, tulluun akka aadaa oromootti ulfina guddaa waan qabuuf Oromoon tulluutti ba'ee waaqa kadhata roobnis ni roobaaf, akkasumas tibba birraa margaafi daraaraa keelloo bishaaniin tuqsiisanii waaqa lafa kana uumtee nuun immoo irratti nu uumtee waaqa marga kana magarsitee, yaa waaq biqiloota kanaaf firii kennitee nagaakee nuuf kenni nagaan nu soori jechuun ibsa.

As irraa wanti hubannuu Oromoon aadaa boonsaa akka qabuufi hariiroo inni waaqaa wajjin qabu gaarii ta'uusaa yeroo kadhatanitti firii deebii isaanii kennuufiin furmaata laachaa kan deemu ta'uusaati. Ayyaana kanaaf bakka kennuufiin gara fuula duraatti bakkee daawwii taasisuun sadarkaa biyyaatti beeksisuuf carraaqqii gaarii akka gochaa jiran ibsa. Akkasumas, xiyyeeffannoo itti kennanii aadaa hawaasa kana dhoosanii baasuuf kutannoon socho'aa jiraachuu isaanii ibsa.

# BOQONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YABOO

## 5.1. Gudunfaa

Sabni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, amantiifi eenyummaasaa isaa beekuun murteessaadha. Wantoota maalummaa yookiin eenyummaa Saba Oromoo ibsan keessaa ayyaanni irreechaa isa tokkoodha. Kanuma bu'uura godhachuun qorataan mata duree qaaccessa sirna raawwii ayyaana irreechaa Awaash Malkaa Qunxurree kan jedhu irratti xiyyeeffachuun seerota qorannoon tokko hammachuu qabu hammachiisuun hiika irreechaa irraa eegalee yoomessa kamiin hawaasni aanaa sabbataa awaasiifi naannawaan isheeyoom akka kabajuu wantoota kaayyoo gooroo jalatti eerame sana kaayyoo gooreetti caccabsuun Sirna ayyaana kanaan walqabsiisee raawwii isaan raawwatan faaruu galateeffannaa, tartiiba deemsaa, eebba, sirna irreeffannaafi gammachuu guyyaa sanaa ibsachuun jeekkarsaawwan adda addaa gurmiin kan faarsaan wantoota isaan eenyummaa isaanii ittiin ibaschuu danda'aanmeeshaalee aadaa kan dhiiraa, kan shamarranii, guyyaa sana itti fayyadaman uffata isaan ittiin faayaman, irreechi kun duraan sadarkaa maalii irraa akka tureefi jijjiiramoota amma dhufaniin walqabsiisuun qorannoo kana keessatti bal'inaan ibsameera.

Walumaa gala sirni kabaja ayyaana irreechaa kun adeemsa jiruufi jireeny hawaasichaa keessatti hiikkoo of danda'e kan qabuuf duudhaa uummatichaa kan calaqqisiisuudha. saba kam illee, amantaa kam illee, saalaafi umurii kam illee osoo addaan hin baasin kan hirmaachiseedha.

## 5.2. Argannoo

Qorannoo kanarraa qoratichi argannoowwan armaan gadii argateera.

1. Irreechi Malkaa kabajuuf callisamee abbumti arge deemaa dhaqee kan irreffatu osoo hin taanee sirna mataa isaa kanneen akka gara malkaa bu'uuf tartiiba deemsaan walqabatee, eebbaa, faaruu, dhaamsawwan adda addaa akka of keessaa qabu ifa godhee jira.
2. Yoomessa Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree ibsee jira.
3. Hawaasni irreeffannaa deeman meeshaalee aadaa akkamii akka fayyadaman kanneen akka marga, abaaboo daraaraa, caaccuu, callee, bokkuu, alangaa, callee, siiqqee adda baasuu ibsee jira.

4. Hawwasni kaan akkuma ayyaana mataa isaa qabuu waaqeffataanis ayyaana mataa isaa irreecha akka qabu ibsee jira.
5. Irreechi yoomessa akkamii keessa akka tureefi sadarkaa maalii irra amma akka jiru ifa godhee jira.

### 5.3. Yaboo

Sirnooti guyyaa ayyaana Irreechaa geggeeffaman hiika kan qabaniif eenyummaafi falaasama Oromoo gadi fageenyaan akka ibsan beekamaadha. Sirnoota kana kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, ayyaana irreechaa kunuunsinee tursiisuuf;

1. Sirnasaa kana bara baraan galmeessuun dhalootaaf olkaa'uu.
2. Namootni sirna irreechaa beekan namoota hinbeekne barsiisanii maalummaa isaa tokko tokkoon ibsuufiin akka hawwataman taasisuu. Namootni tokko tokkoo ayyaana kana akka gocha seexanaatti ilaaluun jirakun immoo aadaa keenya wallaaluu irraan kan ka'ee dha. Kanaaf eenyummaafi beekumsa ofii tuffatanii gatanii aadaa nama biraa baruuf dhama'uun duubatti deebi'anii wallaalanii doofummaaf saaxilamuudha waan ta'eef qaama hin hubanne hubachiisuun, barsiisuun guddina aadaa saba Oromootiif baay'ee murteessaadha.
3. Uummanni Oromoo ayyaanni Irreechaa aadaa eenyummaasaa ibsu waan ta'eef hirmaannaa ho'aa yeroo sirni kun geggeeffamus taasisuun kunuunfachuufi carraaquu qaba.
4. waajjirri Aadaafi turizimii sadarkaa sadarkaan jiran sirna kabaja ayyaana irreechaan walqabatee qophii dursa raawwachuu qaban haala mijeessuun bifa ho'aaf hawwataa ta'e gochuuf haaldureewwan barbaachisaaa osoo qindeessanii gaarii ta'a.Dabalataanis qorannoon akkasii gadi fageenyaan yoo adeemsifamee hawaasa aanaa kanaaf bu'aa ni buusa. Akkasumas ayyaanni irreechaa duudhaa uummata Oromoo maraa waan ta'eef dhimma naannoo yookiin bakka irreechi kun itti geggeeffamuun walqabatee galmi addaa naannoo kanatti dhaabatee meeshaaleen aadaa ibsan achi keessatti kuufamee godambaa sadarkaa Addunyaatti beekame ta'uu qaba.

**Wabii**


Adunyaa Barkeessaa . (2011 ) . *Akkamtaa:Yaadrimee qorannoo hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Alamaayyoo Haayilee . (2007) . *Sirna Gada. Siyaasa Oromoo TuulamaaMaxxansa 1ffaa*. Finfinnee: Birhaannaa selam printing press.

Alamaayyoo Hayilee, Boshii Gonfaa, Daani'eel Dheeressaa, Sanbata Bushaa, Umar Nuuree. (1998). *Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 16ffaa*. Biiroo Aadaafi Turizimii: Berhana Selam Printing Enterprise.

Almaaz Baqqalaa . (2009) . "Xiinxala Kabaja Sirna Irreechaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Wucaalee"Ulaagaa Digirii Tokkoffaa Guuttachuuf Dhiyaate. (kan hin maxxanfamne)

Bascom, W, R . (1965) . .*Four functions of folklore,in Dundes, A .(1965 ). The study of folklore.*B*urkelay*: printice. Hall, Inc.

Biraanuu Dirribaa . (2015) . "Qaaccessa Hiika Mallattoolee Ayyaana Irreechaa Dirree Calalaqii Aanaa Midaaqanyii,"waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruuf Dhiyaate: Yuuniversiitii Addis Ababaa , (kan hin maxxanfamne)

Caalaa Soorii . (2013) . *Irreecha hora harsadii*; Oromiyaa, Dukam.

Dastaa Dassaaleny . (2002 ) . *Bu'uura qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

_______________ . (2013) . *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Far East

Dirribii Damusee .(2012). *Ilaalcha oromoo: Barroo aadaa, seenaafi amantaa oromoo*. Mana maxxansaa Finfinnee.

Dorson, M, R . (1972) . *Foklore and folklife.An introduction*. Chicago: The University of Chicago press.

Filick, U . (2002) . *An introduction to qualitative research (2nd ed).* Newdelhi: SAGE publication and Ltd

Gadaa Melbaa . (1988) . *Oromia: An introduction*. Khartoum.

Gammachuu Daadhii . (2001) . "*Afwalaloo Oromoo Salaalee haala beela (1977)" keessatti wiirtuu jiildii-9 Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*: Finfinnee.

Goldstein, Q . (1964) . *Aguide for field workers in folklore*. Hatboro: Folklore Associates, Inc

Georges, R, A and Jones, M, O . (1995 ) . *Fokloristics: An introduction*. Bloomington and Indiana polis, Indiana university press.

Haayiluu Bantii . (1997) . *Cora Aadaa*. Bole printing press.

Hodder, I . (1991) . *The Interpretation of Documents and material culture*: In N.K.Denzin and Y.S.Lincoln

Imaanaa Bayyanaa . (2007) . "Qaaccessa qabiyyee faaruu amantii duudhaa Oromoo"**.** Qorannoo digrii lammaffaa (kan hin maxxanfamin).

Jarra, Wfi Wasanee Bashaa . (2008) . *Bantuu Haaraa, Seerlugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*, Finfinnee: EMAY printer

Jiinanus Galataa . (2010) . "Meeshaalee ulfoo amantii Oromoo Aana Tokkee Kuttaayee". Qorannoo Ulaagaa digrii tokkooffaa guuttachuuf qophaa'ee (kan hin maxxanfamin)

Leellisaa Zamaduu . (2015) . *Hubannoo oromoof sirna Gadaa Amantiifi Seenaa Oromoo*: Finfinnee. Oromiyaa.

Maammoo Gadaa . (2013) . *Duudhaa*: Hy International Finfine.

Meskerem Assegued . (1998). "Erecha*"*. Un published BA thesis. Addis Ababa University printing Press.

Meseret Abiye . (1995) . *"*Qallu as a Dispute settling Institution among the oromo with specific Reference to Macca-Tulama." B, A. Thesis in Law (AAU).

Misgaanuu Gulummaa . (2011) . *Dilbii***:** *Bu'uura Afoolaa, ogafaaniifi afwalaloo oromoo*: Finfinnee Itoophiyaa. subi printing press.

MOE . (1999 ). *Teacher hand book research*. Addis Ababa: mega publishing enterprice.

Mulugeta Negasa . (2014) . *"*Documentation and analysis of ritual performance of Sera Gada among karayu Oromo."Un published Phd thesis. Addis Ababa University Printing Press.

Negaso Gidada . (1984) . *History of the Sayyoo Oromoo of South Western Wallaga Ethiopia from About 1730 to 1886***.** Frank Furt.

NEK . (1999) . *Research Book.Internationa councelar*. Addis Ababa: mega publishing enterprice.

Obsan Dabalee . (2010) .*"*Xiinxala Sirboota Ayyaana Irreechaa Hora Arsadii irratti kan dhiyaate"Ulaagaa Digirii Tokkoffaa Guuttachuuf Geggeeffame. (kan hin maxxanfamne)

Sims and Stephen . (2005) . *Living Folklore.An introduction to study of people and their tradition.*Utah stale University press. USA.

Solomom Areaya . (2004) . *Qualitative Research*: *Beyond a number Game.Institute of educational Research Flambeaus.* Addis Abeba University (vol.aa No.2)

Taammiruu Addunyaa . (2009) . "Qaaccessa Qabiyyee Fayyadama Afaanii Faaruu Jala Bultii Eebba Sirna Raawwii Irreecha Arfaasaa Odaa Arjoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Jimmaa" Ulaagaa Digirii Tokkoffaa Guuttachuuf Geggeeffame. (kan hin maxxanfamne)

Tita Mekonnen . (2003) . "Erecha: Its meaning and its significance in oromo traditional religion."B. A. thesis in sociology and social administration (A.A.U.)

Tilahun Gamta . (1989) . *Oromo English Dictionary*. Addis Ababa. AAU

Toleeraasaa Tasammaafi Hundasaa Waaqwayyaa . (1995) . *Seenaa saba oromoofi sirna gadaa*. Finfinnee

V, Kahn and W, Best . (2005) . *Research in education*. prentce-Hall, Inc.

Yenee'alem Araddo . (2001) . *Wirtuu jildii-9 Barruulee Waaltina Afaan Oromoo*. BATO

**ሙሉጌታ ነጋሳ** (1997). **"በአደአ ሊበን ወረዳ የኦሮሞ ሴራ ጎማ በግጭት አፈታት አንፃር።" አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፣ ለኢትዮጵያ ቋንቋዎች ጥናት ተቋም የቀረበ ጥናታዊ ጽሁፍ፣ ያልታተመ።**

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimii Fi Quunnamtiitti,**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fookiloorii**

**Af-Gaaffii Abbootii Gadaafi Maanguddoota Biyyaaf dhiyaate**

Kabajamtoota Abbootii Gadaafi Maanguddoota biyyaa Aanaa sabbataa Awaas iddattoo qorannoo kanaa taatan hundaaf hojiin koo inni ijoon sirnoota guyyaa ayyaana irreecha Awaash Malkaa Qunxurree raawwataman qaaccessuudha. Galma ga’iinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin irraa argamuu baay’ee murteessaadha.Kanaaf gaaffiin isin gaafadhu irratti ibsa akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha. Deeggarsa keessaniif durseen isin galateeffadha.

1. Haala nageenyaan wal qabatee irreechi bara kanaa maal fakkaata?
2. Sababa maalii bakki irreechaa kun filatame?
3. Bakki itti irreeffatamu kun Abbaan malkaa eenyu jedhamu?
4. Maddi Moggaasa malkaa kanaa maali?
5. Bara kam malkaa kanatti irreeffachuun eegalame?
6. Ji’a maalii,guyyaa kamiin malkaa kanatti irreeffatama?
7. Bara kana si’a meeqaffaa kabajama ( irreeffatamaa jira)?
8. Waggaatti yeroo meeqa irreeffatama?
9. Guyyaan itti irreeffatan kun maaliif filatame?
10. Irreessa guddicha hora Arsadii dursee kabajamuun isaa sababni wayii jiraa?
11. Eenyutu dursee eebbisa?
12. Eenyutu dursee malkaa kanatti irreeffata?
13. Sirnooti guyyaa kana raawwataman maal fa’i?
14. marehoo, marehoo jechuun hiikni isaa maali?
15. Meeshaalee guyyaa ayyaana kana dhiirri fayyadamu maali?
16. Meeshaalee guyyaa ayyaanaa kana shamarran fayyadaman maal fa’i?

**Dabalee ‘B’**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Kolleejjii Namoomaa ,Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimii Fi Quunnamtiitti,**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fookiloorii**

**Afgaaffii waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Sabbataa Awaasiif Dhiyaatan**

Kabajamtoota Ogeeyyii Waajjira Aadaafi Tuuriziimii Gaaffilee marii isiniif dhiyeessuu koon dura eeyyamamoo akka taatanin isin gaafadha.kaayyoon marii kanaas sirnoota guyyaa ayyaana irreechaan walqabatanii raawwataman irratti odeeffannoo akka naaf kennitanin isin gaafadha. kanaaf muuxannoofi hubannoo dhimma kana irratti qabdan yoo naaf kennitan bu’aan qorannoo kanaa olaanaa ta’aa.

1.Irreecha bara 2011 kanaa kanneen baroota darban irraa maaltu adda godha jettanii yaaddu?

2.Irreecha Awaash Malkaa Qunxurree kana gara fuula duraatti guddatee madda galiifi tuuriziimii akkasumas UNESCOtti galmeessitanii qabeenya Addunyaa taasisuuf sochiin keessaniifi sochiin hawaasa naannoo kanaa maal fakkaata? Akkasumas bu’uuraalee misoomaan guutuu taasisuuf maal karoorfattanii jirtu?

3. Waajjirri aadaaf tuuriziimii Aanaa sabbataa Awaas irrecha kana irraa faayidaa maalii argata?

**Dabalee ‘C’**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Kolleejjii Namoomaa ,Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimii Fi Quunnamtiitti,**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fookiloorii**

**Gaaffilee Marii Gareetiif Dhiyaatan**

Kabajamtoota Hirmaattota ayyaana irreechaatiif gaaffilee marii isiniif dhiyeessuu koon dura eeyyamamoo akka taatanin isin gaafadha. kaayyoon marii kanaas sirnoota guyyaa ayyaana irreechaan walqabatanii raawwataman irratti odeeffannoo akka naaf kennita nin isin gaafadha. kanaaf muuxannoofi hubannoo dhimma kana irratti qabdan yoo naaf kennitan bu’aan qorannoo kanaa olaanaa ta’aa.

1,Irreechi isiniif maali?

2. Garaa garummaan irreechaafi irreeffannaa maali?

3. Uffanni keessan kun maal ibsa?

4. Irreecha bara kanaa kanneen baroota darban irraa maaltu adda godha jettanii yaaddu?

5. Gabbisayyoo jechuun hiikkaa dhumti isaa isiniif maali?

6. Dhiibbaan addaa ayyaana kanaan walqabatee maaltu jira?

**Dabalee ‘D’**

Jira hin jirree daawwannaa keessatti odeeffannoon ittiin adda baafame

Qorannoo kana keessatti qorataan jira hin jirree (checklists) armaan gadii daawwannaa qorannoo kana keessatti geggeessee odeeffannoo ittiin adda baafachuuf gaaffilee armaan gadii qopheeffateera.

1.Sirna kabaja ayyaana irreechaa keessatti wantoota raawwataman adda baafachuu

a. Jalqaba maaltu raawwatama?

b. Itti aansee maaltu raawwatama?

c. Hirmaattotni sirna kanaa eenyu fa’i ?

d. Sirni kun yoom raawwatama ? eessatti raawwatama ?

e. Hirmaattota gara malkaa deeman keessaa kan dursee deemu garee kami ?

f. Sirna irreeffannaa keessatti kan dursee malkaa saaqu eenyu?

g. Raawwii irreeffannaan booda faaruu (jeekkarsa) keessatti eenyutu hirmaata ?

**Dabalee 'E'**

**Odeef kennitoota**

| **TL** | **Maqaa Odeefkennitootaa** | **Saala** | **Umurii** | **Ga'ee hojii** | **Ganda** | **Guyyaa Odeefkennan** |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **1** | Abarraa Warquu | Dhi | 56 | Q/bulaa | Illaamuu | 19/1/2011 |
| **2** | Dibaabaa Onnataa | Dhi | 61 | Ax/Guddisa | Ax/Guddisa | 19/1/2011 |
| **3** | Firoomsaa Kumsaa | Dhi | 34 | H/waajjiraa | Awaash | 26/6/2011 |
| **4** | Gaaddisaa Bayyanaa | Dhi | 32 | B/saa | Q/maallima | 19/1/2011 |
| **5** | Geetahuun Fiixaa | Dhi | 49 | Q/bulaa | M/simbiro | 6/4/2011 |
| **6** | Guutaa Iddeechaa | Dhi | 53 | Q/bulaa | M/simbiro | 16/1/2011 |
| **7** | Kibbinash Abbabaa | Du | 51 | Q/bulaa | M/simbiro | 6/4/2011 |
| **8** | Lammii Morkii | Dhi | 62 | Q/bula | Awaash | 23/7/2011 |
| **9** | Makuriyaa Badhaanee | Dhi | 60 | Q/bulaa | R/jireecha | 19/1/2011 |
| **10** | Rattaa Naggasaa | Dhi | 54 | Q/bulaa | Awaash | 19/1/2011 |
| **11** | Siisaay Malkaa | Dhi | 39 | H/wajjiraa | Sabbata | 19/1/2011 |
| **12** | Taaddasaa Seefuu | Dhi | 76 | Q/bulaa | Ax/xiroo | 19/1/2011 |
| **13** | Tolasaa Dibaabaa | Dhi | 58 | Q/bulaa | O/guddaa | 19/1/2011 |
| **14** | Tolasaa Kumaa | Dhi | 34 | H/wajjiraa | Sabbata | 4/7/2011 |
| **15** | Warqee Sanbataa | Du | 57 | Q/bulaa | O/guddaa | 19/1/2011 |
| **16** | Xilaahuun Asaffaa | Dhi | 35 | H/waajjiraa | Sabbata | 8/6/2011 |

**Dabalee ‘F’ Izgootaa**

Izgoo …………………… yaa Waaq nu araarami mee

Izgoo……………………. yaa Waaq booruu gannaa jalaa nuu baasii mee

Izgoo…………………….. yaa Waaq bacaqii gannaa jalaa nu baasii mee

Izgoo ……………………. yaa Waaq awwaara bonaa jalaa nu baasi mee

Izgoo…………….. …….. yaa Waaq nuu araarami mee

Izgoo…………………..……. yaa biiftuu miila kumaa nu araarami mee

Izgoo………………….. …. yaa Waaq araara malee nu toli mee

Izgoo………………….. …. yaa Waaq waraana malee nu loli mee

Izgoo……………………… uumama qabannee si kadhannee nu toli mee

Izgoo …………………… . yaa Waaq nu araarami mee

Izgoo……………………. yaa Waaq booruu gannaa jalaa nuu baasii mee

Izgoo……………………… yaa Waaq bacaqii gannaa jalaa nu baasii mee

Izgoo …………………… yaa Waaq awwaara bonaa jalaa nu baasi mee

Izgoo…………….. ……… yaa Waaq nuu araarami mee

Izgoo…………………..…….. yaa biiftuu miila kumaa nu araarami mee

Izgoo………………….. …. yaa Waaq araara malee nu toli mee

Izgoo………………….. yaa Waaq waraana malee nu loli mee

Izgoo…………………….. uumama qabannee si kadhannee nu toli mee

**Dabalee ‘G’**

**Eebba Abbootii Gadaa**

Rabbi nagaan nu bulche nagaan nu haa oolchu--------------haa oolchu

Hamaan gargar nu haa oolchu-----------haa oolchu

Tolaa wajjin nu haa oolchu-----------haa oolchu

Biyya nagaa keessa nu haa oolchu--------haa oolchu

Hamaa nurraa haa fageessu---------haa fageessu

Toltuun nutti haa dhiyeessu--------haa dhiyeessu

Nageenya barbaadna nageenya nuuf haa dheeressu-------haa dheeressu

Tokkummaa barbaadna garaan keenya tokko haa ta’u---------haa ta’u

Afaan keenya tokko haa ta’u--------haa ta’u

Dhalataan nuuf haa guddatu---------haa guddatu

Guddaan biyya irra haa bulu----------haa bulu

Wallaalaan haa beeku----------haa beeku

Beekaan biyya irra haa bulu---------haa bulu

Biyyi biyya dargaggeessaa haa ta’u--------haa ta’u

Biyyi biyya fardeenii haa ta’u---------haa ta’u

Biyyi Biyya Maanguddoo haa ta’u--------haa ta’u

Waaqni ja’aan galaan haa jedhu--------haa jedhu

Waaqni sadeen sooddoo haa jedhu-------haa jedhu

Egaa biyyi nagaa nageenya kana

Waaqni nurraa hin fageessin------hin fageessin

Bara arginee kana caaluu

Lafa nuuf haa qabsiisu----------haa qabsiisu

Uumaan keenya deebitee

Hiddi ishee haa dheeratu----------haa dheeratu

Hidda biqiltu haa taatu-----------haa taatu

Lafa nuuf haa qabattu--------------haa qabattu

Waaqni booruu gannaa nu oolche

Awwaara bonaan deemuu jalaa nu haa baasu--------haa baasu

Xinnaan haa guddatu-------------haa guddatu

Guddaan haa bulu----------------haa bulu

Sooddo nagaa haa ta'u------------haa ta'u

Bacho nagaa haa ta'u--------------haa ta'uu

Abbu nagaa haa ta'u----------------haa ta'uu

Nageenyi dhugaa haa ta'u-------------haa ta'uu

Guddaan haa bulu------------------haa bulu

Xiqqaan haa guddatu--------------haa guddatu

Biyyi nagaa haa ta'u--------------haa ta'u

Nageenyi dhugaa haa ta'u-------------haa ta'uu

Nagahaa--------------------------------Nagahaa

**Dabalee 'H' Hoo yaa birraa**

| | |
|---|---|
| Hoo Yaa Birraa------------------------------- | Gaaddisa Odaa Jala Jirraa x2 |
| Faradi gaayyoo hin nyaatuu--------------- | hoo yaa birraa |
| Yoo harrootaa malee ------------------------- | hoo yaa birraa |
| Gadheen namaa hin naatuu------------------ | hoo yaa birraa |
| Yoo dhalootaa malee ------------------------ | hoo yaa birraa |
| Hoo yaa birraa-------------------------------- | gaaddisa odaa jala jirraa x2 |
| Mukukulli hin bulu---------------------------- | hoo yaa birraa |
| Yoo waa diban malee------------------------- | hoo yaa birraa |
| Gadheen sirba hin beektu--------------------- | hoo yaa birraa |
| Yoo itti himan malee-------------------------- | hoo yaa birraa |
| Hoo yaa birraa--------------------------------- | gaaddisa odaa jala jirraa x2 |
| Tumaleessa coomsii -------------------------- | hoo yaa birraa |
| Yoo qalachuu feetee--------------------------- | hoo yaa birraa |
| Sagalee gowwoomsii ------------------------- | hoo yaa birraa |
| Yoo taphachuu feetee-------------------------- | hoo yaa birraa |
| Hoo yaa birraa----------------------------------- | gaaddisaa odaa jala jirraa x2 |
| Gammoojjiittan gala-------------------------- | hoo yaa birraa |
| Gammoojjiin haroodha------------------------- | hoo yaa birraa |
| Yaa waaq nu qanna'ii ---------------------- | hoo yaa birraa |
| Aadaa Oromoodha------------------------------ | hoo yaa birraa |

Hoo Yaa Birraa----------------------------------Gaaddisa Odaa Jala Jirraa x2

Faradi gaayyoo hin nyaatu--------------------- hoo yaa birraa

Yoo harrootaa malee ------------------------ hoo yaa birraa

Gadheen namaa hin naatuu------------------ hoo yaa birraa

Yoo dhalootaa malee ----------------------- hoo yaa birraa

Hoo yaa birraa------------------------------- gaaddisa odaa jala jirraa x2

Mukukulli hin buluu------------------------ hoo yaa birraa

Yoo waa diban malee----------------------- hoo yaa birraa

Gadheen sirba hin beektu--------------------- hoo yaa birraa

Yoo itti himan malee----------------------. hoo yaa birraa

Hoo yaa birraa------------------------------ gaaddisa odaa jala jirraa x2

Tumaleessa coomsii ----------------------- hoo yaa birraa

Yoo qalachuu feetee----------------------- hoo yaa birraa

Sagalee gowwoomsii----------------------- hoo yaa birraa

Yoo taphachuu feetee----------------------. hoo yaa birraa

Hoo yaa birraa------------------------------- gaaddisaa odaa jala jirraa x2

Gammoojjiittan gala------------------------- hoo yaa birraa

Gammoojjiin haroodha----------------------- hoo yaa birraa

Yaa waaq nu qanna’ii ------------------------- hoo yaa birraa

Aadaa Oromoodha---------------------------- hoo yaa birraa

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti ka'aame qorannoon kun hojii kiyya ta'uu isaafi kanaan duras yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhihaanne ta'uusaa akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa_________________________

Mallattoo_______________________

Guyyaa_________________________